



Godina Wallagga Bahaatti hojiiwwan misoomaa garaagaraa hoggantoota olaanoon daawwatame

WKgodinichaatiin

Jillii Ittigaafatamaa Paartii Badhaadhinaa Damee Oromiyaa, Obbo Fiqaaduu Tasammaafi Ministeer Deetaa Minsteeraa Maallaqaa Dr. Iyyoob Takkaallinyiin durfamu hojiiilee misoomaa Godina Wallagga Bahaattii hojjetamaa jiran garaagaraa daawwatan.

Daawwannaa kanarratti Ittigaafatamaan Paartii Badhaadhinaa Damee Oromiyaa, Obbo Fiqaaduu Tasammaa, Ministeer Deetaan Minsteeraa Maallaqaa Dr. Iyyoob Takkaallinyi, Ministeer Deetaan Minsteeraa Fayyaa Doktor Darajjee Dhugumaafi hoggantoota sadarkaa adda addaa hirmaachise, Buufata Xiyyaaraa Magaalaa Naqamtee,



pirojeektota daandii Naqamtee daawwataniiru.

- Bureefi Naqamtee Soogee, Kaayyoon daawwannaa kanaas Aanaa Guutoo Giddaatti bu'aalee pirojeektota eegalamii harkifatan addaan baasuun **Gara fuula 14tti**

Mariin misoomaafi nageenyaa qaamolee hawaasaa garaa garaa hirmaachise gaggeeffame

WKGodina Wallagga Lixaafi Magaalaa Jimmaatiin

Mariin Misoomaafi Nageenyaa kutaalee hawaasaa Godina Wallagga Lixaafi Magaalaa Jimmaa hirmaachise hoggantoota sadarkaa adda addaa waliin tibba kana gaggeeffameera.

Jillii Ministeera Bishaaniifi Inarjii Dr. Injiinar Habtaamuu Ittafaan durfamu bakka bu'oota hawaasaa Godina Wallaggaa Lixaa waliin marii geggeesseera.

Hirmaattotni marii kanaas rakkoowwan bu'uuraalee misoomaa, pirojeektiwwan ijaarsisaanii



harkifateefi hojii dhabdummaa dhaga'uufi tokkummaan murteessaa godinicha qoraa jiru furuuf ta'uu yaadachisani, hanqinalee mootummaan xiyyeeffannoo akka jiran karoora keessatti galtee kennu gaafataniiru. godhachuun kan hojjetaman ta'uu ibsaniiru. Waajjiroolee Mootummaa kanaan dura ABO **Gara fuula 14tti**

Dr. Injiinar Habtaamuu Ittafaa rakkoowwan jiran hunda furuuf wal

Godina Baalee Aanaa Sinaanaatti facaasaan sanyii waqtii Arfaasaa bara kanaa eegalame

Kutaa Qophiitiin

Godina Baalee Aanaa Sinaanaatti facaasaan Sanyii waqtii Arfaasaa bara oomisha 2016/2017 eegalamuu Biirron Qonna Oromiyaa beeksise.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa galmoota garaagaraa 4n wabii nyaataa mirkaneessuu, al-ergii guddisuu, oomisha alaa galu biyya keessatti bakka buusuufi carraa hojii uumuurratti xiyyeeffatee hojjetaa jira.

Bara oomishaa 2016/2017 kanas galmoota kana milkeessuuf oomisha waqtii Arfaasaa Godina Baalee Aanaa Sinaanaatti tibba kana eegalchiifameera.

Qonna Arfaasaa bara kanaan lafa heektaara miiliyoona 1fi kuma 228fi 345 misoosuuf karoofamee, kana keessaa lafti hektaarri miiliyoona 1fi kuma 340fi 806 qophaa'uun, lafa kana keessaas hektaara miiliyoona 1fi kuma 32 fi 851 (%84) sanyii gosa garaagaraan uwwifamaa jiraachuu Hogganaan Biiroo Qonnaa Obbo Geetuu Gammachuu ibsaniiru.

Karoora oomishaa waqtii kanaaf qabamee olitti milkeessuuf lafaa qopha'ee hunda sanyii gosa garaa garaan uwwisuuf hojjetamaa jiraachuu Obbo Geetuun ibsanii, qooda fudhattoonni damee kanaas milka'inasaaf tumsuu akka qaban waamicha dhiyeessaniiru. **Gara fuula 14tti**

Aanaa Limmuu Kossaafi Magaalaa Aggaarootti qar. mil. 274tti dhiyaatu Baankii Siinqeetti qusatame

W/K/Godinichaatiin

Godina Jimmaa Aanaa Limmuu Kossaafi Bulchinsa Magaalaa Aggaarootti aadaa qusannaa hawaasaa gabbisuuf sosochii taasifamaa jiruun guyyaa tokkotti qarshiin miliyoonni 273.8 Baanqii Siinqeetti qusatameera.

Bulchaan Aanaa Limmuu Kossaa Obbo Musxafaa Shariif, aanichatti bara kana aadaa qusannaa hawaasaa cimsuuf baadiyyaafi magaalatti hojii hojjetamaa jiruun qarshii biliyoona 2.4 Baankii Siinqeetti qusachiisuuf karoofamee sosochii eegalameen guyyaa tokko qofatti qarshiin

miliyoonni 252 qusatamuu himaniiru.

Bulchaan Godina Jimmaa Obbo Tijjaanii Naasir, karoora badhaadhinaa akka biyyaatti qabame milkeessuun dhalootaaf dabarsuun kan danda'amu aadaa qusannaa keenya cimsachuun murteessaa waan ta'eef hawaasni baankii dinagdee ummata Oromoo guddisuuf hundaa'e Baankii Siinqeetti qusachuu qaba jedhaniiru.

Hoggantuun Biiroo Pabliik Sarvisiifi Misooma Qabeenya Namaa Oromiyaa Aadde Kokobee



Didhaa sagantaa sosochii qusannaa aanichatti gaggeeffamaa jiru kanarratti argamuun ergaa dabarsaniin Baankiin Siinqee **Gara fuula 14tti**

Hiyyummaafi boodatti hafummaa maqsuudhaan badhaadhina dhuunfaafi maatii haa mirkaneessinu!

*Gumaata Gumaata Gumaata
Gumaata Gumaata Gumaata
Gumaata*

Gumaata



Mararoo durbaa

Godina Wallagga Lixaa Aanaa Aayiraatti akka aadaa Oromootti yeroo cidhi raawwatamu weedduuwwan garaagaraatuu weeddifama. Weedduuwwan cidhaa kana keessas tokko akka moggaasa naannichaatti Mararoodha. Kan inni weeddifamus dabaraani. Sababni Mararoon kun weeddifamuuf durbee heerumtu sana ittiin gorsuuf ykn jajjabeessuuf akkasumas mararsiifachuuf kan yeedaleeffamudha. Mararoo kanaanis ergaa barbaachisu dabarfatu.

Mararoon durbaa gosa afoolaa keessaa isa tokko ta’ee, yeroo gaa’elli geggeeffamutti kan ittiin dhaamsi, gorsi, qeeqi, akeekkachiisniifi kkf ittiin kennamuufi seenaan darbe ittiin yaadatamu, hawwiifi fedhii, jaalala qaban mararoo kanatti gargaaramuun kallatti ittiin ibsatanidha.

Walaloowwan Mararoo keessaas muraasa akkaataa itti aanutti dhiyeessineerra.

- Lafti har’aa bariitewoo

Badii gali yaa addooyye woo

Haati Ormaa si miitewoo

Lafti har’aa bariitewoo

Badii gali yaa haadha koo

Yoo haati Ormaa na miitewoo

-Simbirroo koo ya barii shaashaa

Lafti har’aa kun maaf bariif kaata

Addooyyee koon wal dhabnaa laata ?

Yoo nagadni tolee Hoolaan gabaa biti

Wal arginaan tole kanaa achi naga’itti

- Andoodee baala inshilaalaa walakkaan baala ancooteeti

Iddoo kee maalan ilaalaa wal argaan guyyaa rabbiiti

- Arfaasaan roobekaa inni keelloon diimaa

Birraan bariite kaa inni durbeef diinaa

Durbeedhaan waltaanee Yommuttii

wal geenyyu lafattiyyuu nuun tola

Yammuu addaan baanu Yammuu faffacaanu lafatu ofiin ona

- Manni alagaa lagaa

Kan falaxnaan dhagaa

Manni alagaa kiyyoo

Kan maragaan biyyoo

Taa’ee mooqii Jedha

Didnaan mooji jedha

Mooqii midhaan fixa

Mojiin dubbii fida

- Harmee koo deesse koo

Nan oolfattuu jennaan

Qarshiitu caala jettee

Darbatte keessa kaa

Guchuma kessa kaa

Yaa harmee koo jennaan

Nan oolfattuu jennaan

Maalan oolcha jette, Aannan qabee jette

Ani nan hafee jette, dhaqi iddoo kee jette

- Yommuu gaara baate

maaf nawaamiin maaloo

Yammuu gargar bane

Yammu maccaaf taane

Maaf na nyaatiin Baaroo

- Adaraa yaa mukaa

Damee kee hin raasiinii

Adaraa yaa du’aa

Gargar nu hin baasiinii

Wajjira Kominikeeshinii Aanaa Aayiraarraa

Rakkoolee akka malee . . .

Rakkoolee gurguddoo sababa ummanni baay’achuun dhufan

Baay’inni ummataa garmalee dabalaa deemuun rakkoolee garaagaraatiif ummata saaxila. Rakkooleen kunneenis, godaansa, hojii dhabdummaa, jijjiirama qilleensa naannoo, hanqina midhaan nyaataa, hanqina kenninsa tajaajila hawaasumaa fiduu danda’a. Baay’inni ummataa akka dabalaa kan taasisan keessaa isaan ijoon, garaagarummaa isa dhalatuufi isa du’u gidduu jiru, godaansaa, hiyyummaa fi kkf nidha.

Namoonni baadiyya irraa gara magaalaatti godaansi isaan taasisan karaalee baay’inni ummataa naannoo tokkotti akka dabalaa taasisan keessa isa tokkodha. Sababoonni namoonni gara magaalaatti akka godaananiif ka’umsa ta’an keessaa isaan gurguddoon hojii barbaaduufi fedhii bu’uuraalee misoomaa guuttachuufidha. Godaansi gara magaalotaatti taasifamu kun ammoo, baay’inni jiraattota magaalaa yeroo gara yerootti dabaluu dhaan carraan hojii argachuu hoji dhabdootaa akka dhiphatu taasisa. Hoji-dhabdummaanimmoo hiyyummaan, hanniifi yakkii akka babal’atu taasisa.

Baay’inni ummataa kallattiifi alkallattiin qilleensa naannoorratti dhiibbaa ni uuma. Heddumminni ummataa manca’insa qabeenya naannoo geessisuudhaan qilleensa naannoorratti kallattiidhaan dhiibbaa uuma. Namoonni yoo heddumaatan babal’ifannaa lafa qonnaaf, ijaarsa manaaf, qoraan nyaata ittiin bilcheeffataniifi kan birootiif bosona ni mancaasu. Kunis, madaala qilleensa naannoo jeequun roobni akka xiqqaatu yookiin waqtii malee akka roobuufi biyyee gabbataan dhiqamee oomishtummaan akka xiqqaatu taasisa. Rakkoolee baay’inni ummataa fidu keessa inni kan biroon hanqina kenniinsa tajaajila hawaasaati. Lakkoofsi ummataa garmalee yoo dabale, tajaajila akka mana barumsaa, bishaan dhugaatii qulqulluu, mana yaalaa, humna ibsaa lammii hunda biraan ga’uun rakkisaa ta’a. Kunis, hawaasni jireenya boodatti hafaa akka jiraatuufi rakkoo fayyaatiif akka saaxilamu taasisa. Raakkooleen sababa baay’ina ummataatiin dhufan kanneen armaan gadiiti.

Dhiibbaa Fayyaa

Garmalee baay’achuun ummataa jechuunis biyyoonni baay’ina ummataa ol’aanaa qaban, dhukkuboota hedduuf saaxilamoodha. Akkuma duudhaafi aadaa keenyaatti bakka jireenyaa namoota gidduutti walitti dhiyeenyi, hariiroo waliin jireenyaa keessaatti waliitti dhufeenyi namootaa ni baay’ata. Kun ammoo naannoo namonni hedduminaan jiraatanitti dhukkuboonni kanneen akka infekshinii babal’achuu, weerara vaayirasii fi

baakteeriyaa baay’een akka babal’atan taasisuun fayyaa namootarraatti dhiibbaa hanga du’aa ni geessisa. Sababa baay’ina ummataatiin baay’inni buufataalee eegumsa fayyaafi hojjettoonni tajaajila fayyaa kennanii gahaa hin ta’u. Kunis, qulqullinni tajaajila fayyaa akka hir’atuufi namoonni baasii hin barbaachifneef akka saaxilaman taasisa.

Miidha qulqullina naannoo

Dhiibbaa garmalee baay’achuun ummataa qabu keessaa tokko naannoon xuraa’uufi qulqullina dhabuun isa tokkodha. Naannoo baay’inni ummataa garmalee saffisaan dabalaa jiru keessatti balfiifi xuriin dafee kuufamuun ni baay’ata. Xuriifi balfi kun akkuma armaan olitti ibsameen sochii dhimma fayyaa irraatti dhiibbaa guddaa qabaata. Kunis, cinawwan daandii kosiidhaan guutamuu, iddoowwan akka paarkii, hoteelaa, galmaafi kkf qulqullina akka dhaban taasisa. Kanaafuu, baay’inni ummataa hir’achuun naannoon keenya qulqullina akka qabaatuuf gahee guddaa qabaata. Naannoon qulqullina qabu ammoo fayyaa dhala namaatiif baay’ee murteessaadha.

Hojii dhabdummaa

Hojiin filannoo dhalli namaa galii maddisiisuun jireenyasaa ittiin geggeeffatudha. Namni tokko jiraachuudhaaf waantoonni isa barbaachisan jiraachuu qabu. waantonni dhala namaaf barbaachisoo ta’an baay’een isaanii ammoo hojii hojjechuudhaan kan argamaniidha. Biyoota baay’inni ummataa itti hammaatu keessatti hojii dhabdoonni ni baay’atu. Itoophiyaanis biyyoota baay’ina ummataatiin beekaman keessaa sadarkaa 10 irratti argamuunshee hojii dhabdoonni biyyittii keessatti akka baay’achaa jiran kan akeekuudha. Hanga dandaa’ame gitoota hojii seektara daldalaa kamiyyuu keessa seenaanii hojjechuun carraa filannoo hin qabne ta’us naannoo baay’inni ummataa itti heddumatutti dhiyyeessiifi fedhiin(Supply and demand) wal-madaaluu didee yoo dhiyyeessiin baay’achaa adeeme, gara hojii dhiisuutti isaan geessuun garee hojii dhabdootatti isaan dabalaa adeema. Akkasumas hammuma baay’inni ummataa baay’atu nama hunda hojiitti galchuun rakkisaa ta’a. Hojiiniifi wantoonni jireenya dhala namaaf barbaachisoo ta’an yoo hin jirre carraan gocha yakkaafi hanna babal’achuun hawaasa keessatti jeequmsa uumuu danda’a. Kanaafuu, baay’inni ummataa garmalee hoji dhabdummaaf sababa guddaadha.


Itti fufa

Komishinii Karooraa fi Misoomaa Oromiyaatti

Daarektoreetii Qorannoo Imaammata Misoomaa Irraa

Wabii nyaataa mirkaneessuun humna al-ergii keenya guddisuuf xiiqiin hojjenna!

Kallacha Oromiyaa



Bara 1986 hundeeffame
Torbanitti al tokko guyyaa Kamisaa,
Biiroo Kominikeeshiinii Oromiyaatiin maxxanfama

Qindeessaafi Gulaalaa Muummee
Addunyaa Hayiluu
Itti aanaa Gulaalaa Muummee
Masarat Amanaa

Leyi'aawutiifi Dizaayinii
Yewubnesh Kabbadaa

Qopheessaa Beeksisaa
Guddataa Dhaabasaa

Lakk. Saan. Pos. 8741 E-mail kellechaoromiya@gmail.com Websayitii:- www.kallachaoromiya.org Face Book:kellecha Oromiya Finfinnee Oromiyaa

Dubbii Ijoo

Harki mootummaa nagaaf diriire ammas hin dachaane!

Sababa tokku mmaansaa laafeef Ummanni Oromoo biyyasaarratti akka lammii lammaffaatti ilaalamuun hree murteessummaarraa fageeffamee cunqurfamaa ture. Haata'u malee ummatici ta'e jedhe hinfudhanne. Tooftaa adda addaan itti qabsaa'aa tureera.

Qabsoo walirraa hin cinne jaarraa tokkoo oliif taasisaa kan ture dhimma eenyummaa, abbaa biyyummaa, mirga walqixummaafi fayyadamummaa dinagdee haqa qabeessaa mirkaneeffachuuf akkasuma mirga namoomaafi dimokiraasi gonfachuuf akka ta'e icciitii dirreeti.

Kana gonfachuufis aarsaa lubbuu qaali kaffaluun, qaamaa itti hir'achuu itti dararamuu biyyarraa godaanuufi hidhamuun bu'aa ba'ii hedduu keessa darbeera. Qabsoofi aarsaansaas firii buusee jijjiirama hawwaa ture harkasaatti galcheeraaf.

Jijjiirama biyya kana keessatti aarsaa lubbuu qaaliifi qaamaa kaffalame kuni uummata Oromoo qofa mitii sabaafi sabalammoota biyya kanaa sababa eenyummaafi ilaalcha siyaasaa qabaniin miidhamaa turaniifu biiftuu walabummaa baaseeraaf.

Haata'u malee ilaalchi dullooomaa natu waggaa hedduu qabsaa'e jedhu qabachuun barii jijjiiramaa dirree sabaafi sablammii biyyatti kanaa kamiifu bal'ate tuffachuufi hojii shororkeessummaaf qabsoo karaa nagaa diduun humna qawwee filachuun gara bosonaatti galee uummata saamuu ajjeesuufi hiraarsuu eegaluun waggoota lakkoofsiseera.

Ta'ullee mootummaa karaa nagaa akka qabsaa'aniif irra deddeebi'uun waamicha nagaa taasisus kanneen fudhatan akkuma jiran kanneen gidiraa uummatarratti dheeressuu barbaadaniifi yaada hin qabne jiru.

Gara baldhinaan mootummaan ammas balbala nagaa bane harki araaraaf diriirse hin dachaane. Ilaafi ilaamee duudhaa Oromoo ganamaatiin masakamee gaaddisa jalatti wal waraansa seenaa taasisuun ni danda'ama ejjennoo jedhu qaba. Kanaafis jalqabbiin amma mul'achaa jiru daandii milkii kan agarsiisudha.

Shirri Shaneen guddummaa Oromoo xiqqeessuufi injifannoo Oromoo booda deebisuuf gochaa jirtu lagaan Oromiyaa qoqqoodduun alagaa jalatti saba guddaa kana kuffisuudha. Oromoof kan malu tokkummaadha; tokkummaa fiduuf ammoo gaaddisa jalatti mareefi marabbaan waa hunda ilaaluufi dhimma Oromoo tokko taasisu irratti waliigaluudha. Garaa garummaa yaadaas morkii yaadaatiin furachuudha.

Kana waanta'eef ammallee dargaggoonni ammallee olola shaneen gowwoomfamuun bosona man'eeffachuun uummata dararan carraa mootummaan nagaaf kennetti fayyadamuun karaa nagaa filachuu qabaatu.



Bulchinsa Magaalaa Naqamteetti Abbootii Seeraa Mana Murtii Aadaatiif leenjiin kenname

W/K/Magaalichaatiin

Bulchinsa Magaalaa Naqamteetti Abbootii Murtiifi Barreessitoota Mana Murtii Aadaatiif leenjiin dandeettii raawwachiisummaasaanii cimsu ogeeyyii seeraa mana murtii magaalichaatiin kennameera.

Pirezidaantiin Mana Murtii Aanaa Magaalaa Naqamtee Obbo Fayyeeraa Dhugaasaa Leenjiin kun hubannoo Abootii Seeraa Mana Murtii Aadaa dhimmoota dambii, labsiifi qajeelfama mana murtiichaarratti qaban dabaluu tajaajila haqa qabeessa ta'e ummataaf akka kennan taasisuu kan kaayyeffateedha jedhan.

Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatti Qindeessaafi Abbaa Seeraa Dhaddacha Lixaa Obbo Hundee Gannatii Naannoo

Oromiyaatti manni murtii aadaa erga hundaa'ee hawaasni baasiifi qisaasama yerootiis osoo hin saaxilamin tajaajila haqaa dhiyeenyatti argachaa jiraachuu eeruun, Manni Murtii Aadaa duudhaa ummatichaarratti hundaa'ee waan ilaalamuuf sobaan ragaa walirratti bahuun xiqqaachaa dhufuus dubbataniiru.

Abbootii Seeraa Mana Murtii Aadaa magaalichaa leenjii kana fudhachaa turanis yaada kennaniin, leenjiin isaaniif kenname kun hubannoosaanii kan cimsuufi milkaa'ina hojiisaanitiif shoora olaanaa kan qabu ta'uu himaniiru. Hubannoo argatan kana fayyadamuun kan duraa caalaa daran cimuun tajaajila ummataaf kennuuf qophii ta'uus dubbataniiru.

Daldalli siyaasaa farra ol-aantummaa seeraafi heera mootummaa keenyaati!

Beeksisa

Arsii

Obbo Gammachuu Tashitee Magaalaa Shaashamannee ganda D/Boqqee keessaa qaban waraqaan qabiyyee lafaa Lakk. Faayilaa 25154, Lakk. Kaartaa isaa 9747 ta’e lafa kaareemeetira 500M² irratti argamu sadarkaa iddoo 2ffaa tajaajila iddoo mana jireenyaa Lakk. iddoo ykn Blookii DB/698 Dheerinni gamoo G+0 kan ta’e Kaartaa harka isaanii jiru waan jalaa badeef kan biraan bakka bakka buufamee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaatiin kaartaa bakka buusnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bul/Magaalaa Shaashamannee.

Obbo Xaafaa Waaqtola Magaalaa Nageellee Arsii ganda malkaa shaayeet kan ta’an kuusaan mana jireenyaa Lakk. Kaartaa isaa A/N-2231/96 kan ta’e mana hojii keenyaa keessaa qaban yeroof argamuu waan hin dandeenyeef kuusaan yeroo gama waliigaltee fudhattuu Aadde Kaamilaa Muhaammadiitiin akka banamuuf gaafataniiru.Kanaafuu namni mormu ykn dhimmi kun na ilaalata kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate faayila yeroo banameefii tajaajila kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Nagallee Arsii.

Baale

Obbo Obbo Huseen Xahaa Kadirii fi Aadde Qamariyyaa Haajjii Waraqaa Ragaa Abbaa Qabeenyummaa (site plan) Lakk.Kaartaa isaa 10807/2008 fi 10804/2008 kan ta’e maqaa isaaniin Magaalaa Roobee Ganda Kibxatee keessatti galmaa’ee argamu waan jalaa badeef, ragaa kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn kiyaa jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 20 keessatti akka dhiyaattanii beeksifan,yoo hin dhiyaatin ragaa kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Roobee.

Obbo Muhaammad Nuuree Nagahee mirriitii lafa mana jireenyaa Lakk.isaa 2111954 kan ta’e maqaa kootiin Magaalaa Gindhiir ganda Ejersa Waarii keessatti galmaa’ee naaf kenname waan na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababaa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan kan biraa kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Gindhiir.

Iyyataan Obbo Sintaayyoo Wagaayyoo mana jireenyaa Magaalaa Gooroo ganda 01keessatti bali’inni lafaa isaa 350M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu H/Mahaammad Bayyanaatti waan gurgurataniiif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Gooroo.

Iyyataan Obbo Yuusuuf Qaasiim mana jireenyaa Magaalaa Gooroo ganda 01keessatti bali’inni lafaa isaa 352M² irratti argamurraa hirisanii 150M² ta’emaqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Obbo Awwal Muhaammaditti waan gurgurataniiif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Gooroo.

Iyyataan Obbo Mulunaa Ashannaafii mana jireenyaa Magaalaa Gooroo ganda 01keessatti bali’inni lafaa isaa 220M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Waasee Kaffaalewutti waan gurgurataniiif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Gooroo.

Iyyataan Dr.Malaakee Fiqaaduu Baldaa mana Daldalaa Magaalaa Gooroo ganda 01keessatti bali’inni lafaa isaa 100M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Obbo Abduljabbaar Huseen Bakaraatti waan gurgurataniiif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Gooroo.

Iyyataan Obbo Geetaahuun Taaddasaa mana jireenyaa Magaalaa Gooroo ganda 01keessatti bali’inni lafaa isaa 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Dirribee Girmaatti waan gurgurataniiif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Gooroo.

Iyyattuun Aadde Yeshii Kabbadaa mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali’inni lafa isaa 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Obbo Birhaanuu Gizaawutti waan gurgurataniiif, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyataan Obbo Darajjee Abbabaa mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali’inni lafa isaa 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu H/Muhaammad Bayyanaatti waan gurgurataniiif, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Sirreessa


Gaazexaa Kallacha Oromiyaa Bara 31 Lakk.22^{ffaa} Ebla 3 bara 2016 maxxanfamee baherratti beeksisa Caalbaasii Waajjirri Galiwwan Aanaa Gaasaraa baasifatan keessatti **Fuel Truck (1) make China, Model Sino Plate No. 3-76063** jedhamee kan bahe dogoggoraan waan ta’eef **Low bed Truck (1) Make China,Model Sino, Plate No. 3-94876,Kod, E.T** jedhamee sirreeffamee haa dubbifamu.

Aadde Warqoo Abdullaahi mana Daldalaa Magaalaa Alii ganda 01 keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu lakk. Kaartaa isaa 263/2013 lakk. Seerii 0487296 ta’e bali’inni lafa isaa 333M² irratti argamu Obbo Abdulwaahid Muhaammad Saaniitti gurguratanii jijjiirraan maqaa akka raawwatuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kan mormu (komii irraa qabu) yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 dura yoo hin dhiyaatin jijjiirraan maqaa kun kan raawwatamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Magaalaa Alii.

Obbo Tasfaayee Naxxaraa B/B Ba’akaal Salamoon, Taganywarq Naxxaraa fi Sablee Naxxaraa mana Daldalaa Magaalaa Alii ganda 01 keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu lakk. Kaartaa isaa 3033/2016 lakk. Seerii 0678435 ta’e bali’inni lafa isaa 235M² irratti argamu Obbo Makonnin Gabbisaa Damiseetti gurguratanii jijjiirraan maqaa akka raawwatuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kan mormu (komii irraa qabu) yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 dura yoo hin dhiyaatin jijjiirraan maqaa kun kan raawwatamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira afaa Magaalaa Magaalaa Alii.

Aadde Aashaa H/Usmaan Sheeymoo fi Faakiyaa Siraaj Murraa mana Jireenyaa Magaalaa Alii ganda 01 keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu lakk. Kaartaa isaa 1046/2015 lakk. Seerii 0678183 ta’e bali’inni lafa isaa 200M² irratti argamu Obbo Alamaayyoo Nagaash Fayyisaatti gurguratanii jijjiirraan maqaa akka raawwatuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kan mormu (komii irraa qabu) yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 dura yoo hin dhiyaatin jijjiirraan maqaa kun kan raawwatamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Magaalaa Alii.

Qabeenya uumamaa itti fufiinsaan kunuunsuun, dinagdee magariisaa jijjiirama qilleensaa damdamatu ijaarra!



Aartii Oromoo guddisuuf hojii hojjetamaa jiru

Mootummaan Naannoo Oromiyaa seenaa, aadaa, duudhaa, afaaniifi aartii Oromoo guddisuuf yeroo ammaa xiyyeeffannoon hojjataa jira. Hojiin kun akka milkaa’uufis dhaabbileen qorannoofi qo’annoo Oromoo akka babal’atan taasisaa jira. Bu’uuruma kanaan Biiroo Aadaafi Turizimii cinaatti Giddugala Aadaa Oromoofi Inistitiyuutii Qo’annoofi Qorannoo Oromoo hundeessuun seenaa, aadaa, afaaniifi aartiin Oromoo karaa saayinsawaa ta’een qoratamee bu’aan qorannoo guddina hawaas-diinagdee naannoo keenyaafi ijaarsa biyyaa keessatti gaheesaa akka bahatu taasisuuf hojii gurguddaan hojjatamaa jiru.

Giddugalli Aadaa Oromoos erga hundaa’ee kaasee hojiiwwan seenaa, aadaafi duudhaa, afaanifi aartii akkasumas hambaalee ummata Oromoo kunuunsuu, qorachuufi beeksisuuf hojiiwwan gurguddaa hojjataa tureera; ammas hojjataa jira. Keessattuu jijjiiramaa asitti xiyyeeffannoo mootummaan damee kanaaf kennee hojjachaa jiruun seenaa, aadaafi aartii Oromoorratti qo’annoofi qorannoo garaagaraa gaggeessuu akkasumas hambaalee sona aadaa qaban kanneen ummanni Oromoo jiruufi jireenyasaa keessatti itti fayyadamaa ture giddugala tokkotti fiduun akka daawwataman taasisuun qaroomina ummatichi qabu addunyaatti beeksisuuf hojii bal’aan hojjatamaa jira.

Kanuma bu’uura godhachuun giddugalichi wiixata darbe (Ebla 07, 2016) dargaggoota kennaa addaa qaban godinaaleefi magaalota Oromiyaa hundarraa wal dorgomsiisee marsaa 9ffaaf Amaataroota 150 baatii sadiif ogummaa garaagaraatiin leenjisa ture eebbisiiseera. Dabalataanis fakkiwwan gootota Oromoo lola ADWA irratti hirmaatan 9 dabalatee fakkiwwan waldaan Faayin Aartii kaasuun bilisaan giddugalichaaf gumaacheefi leenjifamtoota guyyicha eebbifaman kunneeniin kaafaman agarsiisaaf dhiyaatee hirmaattota sagantaa kanaatiin daawwatamaniiru.

Leenjifamtoonni kunneen turtiisaanii kana keessatti ogummaa Tiyaatiraa jalatti qophii tiyaatiraa, taatummaa, barreessuu, qajeelchuu; ogummaa fiilmii jalatti fiilmii barreessuu, gulaaluu, qajeelchuufi taatummaan irratti hirmaachuu; shubbisa aadaa godinaalee Oromiyaa hunda gosootaafi haala sochii isaa waliin, kiliibbii muuziqaa, meeshaa muuziqaa, fakkiifi dubbiirratti leenji’uun ogummaa gonfataniiru.

Daarikteerri Olaantuun Giddugala Aadaa Oromoo Aadde Makkiyaa Jamaal sagantaa kanarratti argamuun haasaa taasisaniin, kaayyoon leenjiifi agarsiisa kanaa inni guddaan ogeessota aartii ciccimoo horachuun hanqina mooraa aartii Oromoo keessatti mul’atu furuun sadarkaa guddina keenyaa fooyyeessudha jedhan.

Giddugalli aadaa Oromoo hambaalee aanaalee hunda keessa jiru kan ummaticha fakkaatu sassaabuu, kunuunsuufi qorannoodhaaf galtee akka ta’u taasisuu, agarsiisaaf dhiyeessuufi madda galii



taasisuuf cichoominaan hojjachaa jiraachuu eeranii, kunis industirii aadaafi aartii Oromoo guddisuufi beeksisuu cinaatti hojiiwwan gama hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa akkasumas maqaa gaarii naannoo keenyaa ijaaruu keessatti gahee guddaa kan qabu ta’uu dubbataniiru.

Mootummaan Naannoo keenyaa Baandii Biiftuu Oromiyaa keessatti riifoormii gaggeessuun humna haaraan bakka buusuuf xiyyeeffannoo kennee hojjachaa jiraachuun eebbifamtoota kanaaf carraa guddaa ta’uu himanii, sochii warraaqsa dinagdee naannoon keenya gaggeessaa jirtu keessatti ogummaan aartii guddatee akka mul’atuuf leenjiin kun murteessadha. Leenjiin akkasii kun osoo walirraa hin citin sadarkaa godinaaleefi magaalotatti kennamuun ogeessota hojii aartii baay’inaafi qulqullinaan horachuun ogummaa kana guddisuun aadaa, seenaafi hambaan keenya guddatee eenyummaan Oromoo ifee akka mul’atuuf ni hojjannas jedhaniiru. Amaataroonni guyyaa kana eebbifamanis karaa duudhaa Orom durii eegéen hojjachuun imaanaa ummata Oromoo galmaan gahuu akka qabanis dhaamaniiru.

Hoogganaan Waajjira Pirezedaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Doktor Abdullaziiz Daawud sagantaa eebba Amaatarootaa kanarratti argamuun haasaa taasisaniin, hawaasa tokkoof aartiin waan hunda isaati. Addunyaa kamirrayyuu aartii malee hawaasni jiraatu hin jiru. Aartiin yoo hin jiraanne dinagdeen hin jiraatu jechuun dubbataniiru.

Hawaasni tokko akka hawaasaatti yeroo faana jijjiirama. Wayita hawaasni qaroominaafi ammayyummaa waliin jijjiiramu dhiibbaawwan garaagaraa aadaafi duudhaa, seenaa akkasumas, safuufi safeeffannaa hawaasichaa miidhuu danda’an ittisuuf hubannoo hawaasaa cimsuun tokkummaa sabaa itichuu kan danda’u aartiidha. Kanaaf aartiin haala yeroofi qaroomina addunyaa waliin tarkaanfachuu qaba. Aartiin keenyas yeroo faana akka tarkaanfatu gochuudhaaf immoo dhaloonni beekumsa uumamaan qabanirratti leenjii gaggabaaboofi baruumsa argachuun dandeettiisaanii gabbifachuun waan abboonni keenya hojjatanirratti kalaqa dabaluun industirii aartii Oromoo guddisuu qabu jedhaniiru. Gama biraatiniis mootummaan akka madda carraa hojii guddaatti qabatee hojii guddaan irratti hojjatamaa jiru keessaa dameen Turizimiifi Aadaa isa ijoo waan ta’eef dargaggoonni carraa kanatti fayyadamuu

akka qabanis dubbataniiru.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa guddina aadaa, seenaa, afaaniifi aartii Oromootiif yeroo kamiyyuu caala xiyyeeffannoo kennee hojjachaa jira kan jedhan doktor Abdullaziiz, Giddugalli Aadaa Oromoo hojii hambaa, seenaa, aartii akkasumas eenyummaa Oromoo qorachuun kunuunsuufi beeksisuuf hojjachaa jiru cimee akka itti fufu deeggarsa barbaachisu hunda kan taasisu ta’uus dubbataniiru.

Hooggantuun Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa Aadde Jamiilaa Simbiruu gamasaaniin, Industirii aadaafi aartii ummata Oromoo guddisuuf hojii hojjatamaa tureen bu’aawwan hedduun argamaa jiraachuu himanii, keessattuu seenaafi seeneeffama dogoggoraa ummata Oromoo dabalatee sabaafi sablammoota biyya kanarratti hojjatamaa ture sirratee akka seeneffamu, barreeffamu, walaleeffamuufi sirbamu taasisuuf hojii hojjatameen bu’aan argamaa jiru waan akka salphaatti ilaalamuu miti jechuun dubbataniiru.

Seenaafi Seeneffama jal’ataa biyya kana keessa ture jijjiiruuf kaleessa hayyoonni, qabsaa’onni, barreessitoonniifi ogeeyyiin aartii leenjiifi barnoota ammayyaa gahaa osoo hin qabaatiin beekumsa uumamaan qabanitti fayyadamuun sagalee ummata Oromoo ta’uun qabsaa’uun wareegama qaalii kaffalanii ummaticha mataa ol qabachiisuu danda’aniiru. Dhaloonni har’aa dandeettii uumaamaan qabu gabbifachuuf maalummaa aartii dubbisuu, hubachuu, hojii keessatti shaakaluun cimanii hojjachuun qaawwa aartiifi aadaa ummata Oromoo keessa jiru furuun, aartii Oromoo fuulduratti tarkaanfachiisuun guddina hawaas-diinagdee biyyaa keessatti shoorasaa akka bahatu taasisuu qabu jedhaniiru. Hawaasnis ogummaan kun waan akka salphaatti ilaalamu osoo hin taane ogummaa addunyaa gara fuula duraatti fuudhee deemu ta’uu beektanii deeggarsa barbaachisu taasisuu dhaamaniiru.

Dargaggoo Eermiyaas Waakkenneefi dubree Tsiyoon Damisee leenjifamtoota guyyaa kana eebbifaman yoo ta’an carraa argatan kanatti gummadoo ta’uu dubbatu. Fedhiifi dandeettii aartii qabanirratti leenjiin argatan kun gahuumsa isaanii kan gabbisuu ta’uus himanii, ogummaa gonfatan kana sirnaan fayyadamuun industirii aartii Oromoo guddisuuf cimanii akka hojjatanis dubbataniiru.

Finxaalessummaan summii sab-daneessummaati; haa faccifnu!

Fattii Abdoo Muhammad mana Jireenyaa Magaalaa Diinshoo ganda 01 keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 200M² irratti argamu dabarsanii gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Diinshoo.

Boorana

Caalbaasii

M/A/Mirgaa Obbo Qoncoraa Booruu fi M/A/Idaa Obbo Silashii Kaasaayee fi Iyyattoonni 1ffaa Obbo Abrahaam Mitikkuu 2ffaa Obbo Namoomsaa Tasfaayee jidduu falmii dhimma raawwii jiru ilaalchisee qabeenyummaan isaa kan M/A/Idaa Obbo Silashii Kaasaayee ta'e konkolaataa fe'insaa gosti isaa sinootiraakii ta'e Lakk. Gabatee isaa ET 3-86407, Lakk. Motoraa WD61569 fi Lakk. Shaansii LZZ5ELND4GN121714 ta'e Qajeelcha Poolisaa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Sulultaa dhaabbatee jiru ka'umsaa caalbaasii qarshii 2,096.738.13tiin gaafa 10/09/2016 sa'aatii 8:00 irratti caalbaasiidhaan waan gurguramuuf namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan gaafa 10/09/2016 sa'aatii 4:00 irratti Sanada Caalbaasii Waajjira Abbaa Taayitaa Geejjiba Magaalaa Shaggaritti galchuun iddoo konkolaataan dhaabbatee jirutti guyyaafi sa'aatii jedhameetti dhiyaachuun dorgomtani bitachuu kan dandeessan ta'uu manni murtti ajajeera.M/M/O/Godina Boorana Bahaa.

Obbo Hayiluu Tarree fi Aadde Tiblatsi Geetuu B/B Obbo Bilaatuu Mirazh Koncha Qabeenyummaa isaanii kan ta'e Mana Jireenyaa lakk.534/BMN/01/01/01 Magaalaa Nageellee Booranaa ganda 01 keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 200M² irratti argamu dabarsanii Aadde Adaanech Bahargizaatti gurgureera jedhaniiru.Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee Booranaa.

Buunnoo Beddellee

Warshaa Biiraa Beddeellee Magaalaa
Beddellee ganda 02(Abbaa Bokkuu) keessaatti
qabeenyaa hin sochoone Lakk. Kaartaa isaa
540/97 ta'e maqaa isaanii galmaa'ee
kennameef waan nu jalaa badeef kan biraa
bakka bu'ee naaf haa kennamau jedhanii
iyyataniiru. Kanaafuu, namni raga kana arge
ykan sababa adda addaatiin qabdheera jedhu
ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu
yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa
eegalee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. yoo
hin dhiyaanne ta'e kaartaa kan biraa hojjannee
bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni
beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Beddellee.

Aadde Maburukaa Ibraahim mana
Aanaa Gachii ganda 01 keessatti argamu
maqaasaaniitiin galmaa'ee jiru lakk.
kaartaasaa MML-0453/2016 ta'e Obbo
Zeenuu Huseenitti gurgurachuu waan
barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni
kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu,
yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kan raga'u
ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa
Gachii.

Gujii

Obbo Zarihtuun H/Mikaa’el mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu bali’inni lafa 400M² irratti argamu irraa kaaremeetira 200M² ta’e dabarsanii Obbo Abiyoot Duubeetti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

Aadde Faantaayee Woldee mana Daldalaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa 593.62M² irratti argamu irraa kaaremeetira 296.81M² ta'e bakka bu'ummaadhaan Aadde Shawaayyee Gizaawu dabarsanii Aadde Raahel Nuguseetti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

Aadde Faantaayee Woldee mana Daldalaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa 593.62M² irratti argamu irraa kaaremeetira 296.81M² ta'e bakka bu'ummaadhaan Aadde Shawaayyee Gizaawu dabarsanii Obbo Dajanee Alamuutti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Haroo Tukkee mana jireenyaa lakk.
Isaa OR003030407003 Magaalaa Shaakkisoo
ganda Uddeeyyii keessatti maqaa isaaniiitiin
galmaa'ee argamu bali'inni lafa 500M²
irratti argamu dabarsanii Obbo Wandimmuu
Tamtameetti gurgureera jedhaniiru. Kan
mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga
guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa
kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira
Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Sintaayyoo Dagabaasaa mana jireenyaa
lakk. Isaa OR003030801004 Magaalaa
Shaakkisoo ganda Uddeeyyii keessatti maqaa
isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa
438.6M² irratti argamu dabarsanii Obbo
Tsaggaayee Fiqiruutti gurgureera jedhaniiru.
Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee
hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate
maqaa kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna.
Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

Aadde Adaanech Nasiruu mana jireenyaa
Magaalaa Shaakkisoo ganda Uddeeyyii keessatti
maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali`inni lafa
355M² irratti argamu dabarsanii Obbo Araarsaa
Dhaabaatti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo
jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti
yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf
ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa
Shaakkisoo

Obbo Masaay Baqqalaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa 200M² irratti argamu dabarsanii Obbo Kiyumaa Kisiitti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Indaalee Tazarraa mana Daldalaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa 57.6M² irratti argamu dabarsanii Obbo Suleemaan Haajmahammedtti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Ascannaaqii Taammiruu mana Jirenyaa Lakk.isaa OR043010715006 ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Odaa Doolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira 200M² irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 7657/16 ta'e Obbo Huseen Wandimmuu Nagaashitti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Obbo Daani'eel Boneyyaa Waaqoo mana Jireenyaa Lakk.isaa AW/LD/163/11 ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Laga Duufaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira 200M² irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 5557/14 ta'e Obbo Shaambal Baallii Shenxaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Obbo Qilxaa Ejersaa Kuleelaa mana Jirenyaa Lakk.isaa OR043010168003 ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Birbirsaa Biluu keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira 200M² irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 4292/13 ta'e Obbo Elemaa Kateelootti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Obbo Tasfaayee Zannabaa Saattulee mana Jirenyaa Lakk.isaa B02(35)-009 ta’e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Odaa Doolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali’inni isaa kaareemeetira 390M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 7809/16 ta’e Obbo Birhaanuu Dhanqoo Kooteetti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Harargee

M/A/Mirgaa Aadde Wayinsheet Warqaalammaawufi M/A/Idaa Waldaa IMX(SAF) Hojii Konstiraakshinii jidduu falmii raawwii jiru ilaalchisee M/A/Idaa kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 15/08/2016 sa’aatii 4:00 irratti akka dhiyaattanii raawwattan ta’ee, yoo raawwachuu baattan sababa raawwachuu diddaniif akka dhiyaattanii ibsitani manni murtii ajajeera.M /M/A/Doobbaa.

Iluu Abbaa Boor

Obbo Bafiqaaduu Abbabaa waan du’aniif mana jireenyaa magaalaa Goree ganda 01 keessatti maqaasaaniitiin galmaa’ee jiru, lakk. kaartaasaa WL/4215/B/2016 ta’e Aadde Haannaa Bafiqaaduu dhaaltuusaanii waanan ta’eef gara maqaa kootti naaf haa jijjiiramu jedhaniiru. Kan mormu yoo jitraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Aallee

Obbo Ayyaanaa Dibbeessaa mana jireenyaa magaalaa Goree ganda 04 keessatti argamu lakk. kaartaasaa Go//143/2006 ta’e Obbo Cheerinnat Taammiruutti gurgurachuu waan barbaadaniif Kan mormu yoo jitraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Aallee

Obbo Kadir Jamaal mana balbala tokko tajaajila (R3) kan ta’e maqaa isaaniitiin Magaalaa Laaloo ganda 01 keessaatti argamu Lakk. Kaartaa 0312300 ta’een galmaa’e lafa bal’inni isaa 500M² irratti ijaaramee jiru Aseggedech Godeetti waan gurguraniif jijjiirraa maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii gaafataniiru.Kanaafuu Akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Diiduu.

Aadde WubituuAraggaa manajireenyaa balbala tokko tajaajila (R1) kan ta’e maqaa isaaniitiin Magaalaa Laaloo ganda 01 keessaatti argamu Lakk. Kaartaa 0222907 ta’een galmaa’e lafa bal’inni isaa 200M² irratti ijaaramee jiru Obbo Mitikkuu Abdiisaatti waan gurguraniif jijjiirraa maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii gaafataniiru.Kanaafuu Akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Diiduu.

Dargaggoonni ilaalcha misoomawaafi dimookiraatawaa qaban haaromsa keenyaaf murteessoodha!

Aadde Faaxumaa Usmaan mana jireenyaa Magaalaa Hurrummuu zoonii ----- ganda 01 keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa ----- ta’e Lafa bali’inni isaa karee meetira 250M² irratti argamuu dabarsanii Obbo Nuuruu Girmaatti gurguradheen jira waan jedhaniif jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa A/Hurrummuu.

Aadde Makiyaa Jamaal mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda 02 keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 2311/02/2010 ta’e Lafa bali’inni isaa 118.75M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddoo 3^{ffaa} argamuu dabarsanii Obbo Wandimmuu Asaffaatti gurguradheen jira waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Aadde Massalech Geetaachoo mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Taboo keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 4642/03/2016 ta’e Lafa bali’inni isaa 200M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddoo 2^{ffaa} argamuu dabarsanii Obbo Iwnatuu Muqateetti gurguradheen jira waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Aadde Shittaayee Jootee mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Taboo keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 4435/03/2016 ta’e Lafa bali’inni isaa 200M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddoo 2^{ffaa} argamuu karaa bakka bu’aa Obbo Miidhaksaa Bayyeeraatiin dabarsanii Obbo Araggaa Mallasaatti gurguradheen jira waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Sintaayyoo Girmaa mana jireenyaa Magaalaa Yaayyoo ganda 01keessaa qaban Lakk.Kaartaa isaa Dhu/693/2016 kan ta’e Aadde Tigisti Takkaallinyifi Aadde Dirribee Takkaallinyitti waan gurguraniif, Kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa A/Yaayyoo.

Jimmaa

Xayyib A/Maccaa haatikoo Aadde Ambaruu A/Maccaa waan du’aniif mana jireenyaa dhuunfaa isaanii Magaalaa Aggaaroo Ganda T/Jiddaa/01/ keessatti argamu dhaalaan argadheera jedhaniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksisni kun bahee guyyaa 20 keessatti haadhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Aggaaroo

Shawaa

Caalbaasii

M/A/Mirgaa Aadde Wagaayyoo Buzunahiifi M/A/Idaa Obbo Tasfaayee Kaasaa jidduu falmii raawwii jiru ilaalchisee mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa Ganada Gooroo keessatti bali’ina lafaa 200M² irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 001913905002 kan ta’e maqaa M/A/Idaatiin galmaa’ee argamu gatii tilmaama ka’umsaa caalbaasii qarshii 1,710,660tiin gaafa 03/09/2016 sa’aatii 3:30 - 6:00tti caalbaasii ifaadhaan akka gurguramu manni murtii ajajeera. kanaafuu namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan ka’umsa caalbaasii ibsamerraa ¼ CPO qabsiisuudahhn waraqaa eenyummaa keesan ibsu qabattanii iddoo, guyyaafii sa’aatii jedhametti dhiyaattanii dorgomuudhaan bitachuu kan dandeessan ta’uu beeksisaa, namni caalbaasii kan mo’ate gatii maallaqa ittiin mo’ate kaffaluu kan danda’u ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/A/ Kutaa Magaalaa Boolee.

Obbo Hayiladingil Dabbabaa Nagahee Lakk. isaa 1880997, Lakk. Galmee H-823ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Caalbaasii Yeroo 2^{ffaa}

M/A/Mirgaa Mastaawot W/Mikaa’eeliifi M/A/Idaa Fiqaaduu Warquu jidduu falmii raawwii jiru ilaalchisee mana jireenyaa kaaree meetira 800 kan ta’e saarvisii kutaa lama mana guddaa kutaa lamaa fi mana guddaa kutaa afur afirraa qabu Magaalaa Maqii Ganda Boolee keessatti argamu ka’umsaa caalbaasii qarshii 1,200.000tiin gaafa 29/08/2016 sa’aatii 3:30 - 6:30tti caalbaasiidhaan waan gurguramuuf namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan caalbaasii mo’ate ¼ akka qabsiisuuf qarshii guutuusaa gaafa 30/08/206 sa’aatii 4:00 irratti akka dhiyeessitan beektanii iddoo, guyyaafi sa’aatii jedhameetti dhiyaachuun dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/A/Dugdaa.



Muuxannoo

Masarat Amanaa



Jalqabbii kalaqa Dermaaloojikaa kunuunsa gogaa keenyaaf oolu:

Kalaqtootni ija ittiin waa ilaalaniifi sammuu ittiin rakkoo furan qabu. Namni dibata gogaa keenya eegu kalaqte Jeen Wuurwaand turtii muuxannoo ishee Gaazexeessaa Jacqueline Schneider BBC fuula biizinasii ta'e waliin taasiste dubbistootaaf muuxannoo ka'umsa kalaqaa ta'a jennee akka itti aanutti qindeessineerra.

Namni muuxannooshii qooddanne kun osoo gara kalaqaatti hin seenin xiinxala yaadasaa akkas jechuun ibsa. Gaafa tokko Loos Anjalasitti guyyaa aduu hamaa keessa (aduu hoo'a ulfaataa) Jane Wurwand ala fuuldura kuusaa dhaabatti. Miidhaa aduun kun fidus ta'e yaaliisaas caalaatti akka itti yaaddu taasise. Bara 1983ALA sagantaa leenjii industirii keessatti kennuu jalqabuuf yaadde. Qabatamaan sababa dhimma kanaarrattan ibsa wayii jalqabuuf barreesse kan jettu Jane Wurwand yeroo kanatti ogummaa gogaa eeguun addunyaarratti ogeessoonni hedduun mul'ataniiru jetti.

Jalqabbii gadi aanaarraa kan eegale biizinasii guddaaf kan ishee kaadhime gaafa sammuushii keessatti naanna'uu jalqabee kaaseeti. Barnoota leenjiishii cinaatti Jane Wurwand kunuunsa gogaa keenyaaf ooluu(kosmootiksii) Dermaaloojikaa jedhamu kana bara 1986 kalaqxe. Deermaaloojikaa ammoo maqaawwan indaastiricha keessatti beekamoo ta'an keessaa isa tokkodha.

Kalqni wayita sana akkuma tasaa jalqabame kun yeroo ammaa biyyoota 80 olitti gurguramaa jira. Oomishni Dermaaloojikaa kunis industirii keessatti biraandii beekkamtii baay'ee argate ta'uu danda'eera. Isheen is ogummaa Kosmotolojistii cimaa akka taatu ishee gargaareera.

Kosmootolojistiin kun (Namni ogummaa waa'ee dhaabbii fuulaa,rifeensa mataa,gogaa miidhagsuu qabu kun) maallaqaa ofiin gargaaramte kun, rippoortara BBC Katty Kay waliin mata duree dhiibbaa uumtota jedhurratti gaaffiifi deebii barreeffamaan hintaane (af-deebii) kan keessummoota beekamoo irratti dhiyaaturratti kanneen akka Ina Garten, Misty Copeland fi Michael Lewis fa'itti dhiyaatteetti. Sagantoota kanneenirrattis Wurwand waa'ee naannoo biizinasii isheetti marii isayyuu umrii xiqqaatti akkaataa itti barattee of qopheessite ni ibsiteetti.

Erga karaa Afrikaa Kibbaatiin Iskootilaandirraa LosAnjeeles maatiishii wajjin qubatanii booda, Jeen Wuurwaandiifi jaalalleeshee yeroo sanaa, dhiheenya kana immoo mana barumsaa daldalaarraa eebbifame Reeymond Wurwand gabaa kunuunsa gogaa bara 1980mootaa keessatti banaa ifa ta'e argan.

Qaawwaa muuxannoo gola miidhaginaa dubartootaafi hubannoo barnoota ofkunuunsuu gidduu jiru cufuuf, odeeffannoo yeroo sanatti ogeeyyii baqaqsanii hodhuu pilaastikiifi ogeeyyii yaalii gogaatiif qabame arge. Seenaa barbaachisaa faayinaansii US keessatti liqii liqeessaa Ameerikaarraa fudhachuuf osoo hinqabaatin, lamaansaani maallaqaa xiqqaa doolaara 14,000 (£11,040) qusannoo dhuunfaasaaniifi maallaqaa invastimantii jalqabaa hiriyootaafi maatiisaaniirraa walitti qabamaniini.

Maallaqaa Ofiin kan hojjennu yoo ta'u, liqii fudhannee hinbeeknu," jechuun Wurwand Kaayitti himti. "Yeroo dhaabbaticha gara fudhachuutti ijaarru %100 qabna turre, kaappitaala kenninee hin beeknu, liqii fudhannee hinbeeknu, liqiin kaffalamu hin turre." Giddugalli leenjii jalqabaasaanii hundeessan kaaree meetira 92.9 kan qabu yoo ta'u, ji'atti doolaara 1,000 (£789) kaffalu akka turan ibsiti.

Gara waggaa 30 booda, bara 2015tti, Wuurwaand, yeroo sana umuriin ishee waggaa 57, maqaa ishee dhaabbata meeshaalee fayyadamaa biyyoota hedduu Unilever jedhamutti maallaqaa hin ibsamneen gurgurte. Bara 2016 Pirezidaantii Ameerikaa Baaraak Obaamaatin ambaasaaddara hojii abbootii qabeenyaa ta'uun muudaman.

Wuurwaand hawwiifi walabummaa dafttee baratte. Haadhashiirraa umrii waggaa 38tti abbaan manaa kan irraa du'e yoo ta'u, ijoollee afur qabdi turte haatishii. Waan qophaa ijoolleeshii guddistuuf ijoolleen dafanii akka of danda'an taasisuu eegalte.

Haaluma kanaan Wuurwand yeroo umuriin ishee waggaa afur turtetti of dandeessee akka sochootu taasifamte. Kunimmoo oolee bulee ishee fayyadeera. Akkuma armaan olitti ibsame haatishee barnoota booda kophaashee gara manaatti akka deebitu furtuu manaa utaaltuushee keessa galchite galtee akka banattu ittigaafatamummaa kenniteefi. Muuxannoon kunimmoo sodaa dhabuu akka uumeef milkaa'ina ishee har'aaf akka gumaache dubbatti.

Koorsii mataashee saganteessuuf kan murteessite Wuurwaand "mana miidhaginaa "Saturday girl" jedhamu tokko hundeeffatte. Umrii waggaa 13tti, mana barumsaa bareedinaa hojjechuu itti fufte. Daree barnootaa yunivarsiitii horatteen hojjaata aadaa keessa miidhaginaa ammayyaa'aatti jijjiiruun, Wurwand ogummaa bal'inaan hojiirra oolu horachuu jalqabde. Kunis mala haatishee yeroo ijoollummaa ittiin cimsitee turte.

"Yeroon bakka kamiyyuu deemu hunda, bakka maatiin koo jiraatan haa ta'u, hamma bakka ani addunyaarra deeme kamiyyuu kan akka Veetnaam, Afrikaa Kibbaa, Noorweey, Niwuu Ziilaand, bakka kamiyyuu yoon deemu waan jalqaba." Magaalaa ykn ganda xiqqoo kamiyyuu keessa nan ilaala, 'saaloon yookiin mana miidhaginaa qabuu?'," jechuun akka gaafattu Wuurwand himti. Mana miidhaginaa yoo argitees yeroo hunda achitti hojjechuu akkan dandeessu gadi fageenyaan mirkaneeffatti.

Ogummaafi hojiisheef osoo dandeettiishii ijaartuu, Wuurwand indaastirii ofkunuunsuu (gogaa ofii kunuunsu) kalaquufi babal'isuuf jalqabde, keessumaa leenjii ogummaarratti hundaa'een mala ammallee barbaachisaa ta'ee ta'uu amanti.

"Godaantota irra deebi'anii hojjechuuf mana jireenyaa isaaniitti deebisuu hindandeenyu yoo leenjiifi sagantaa isaan itti galchan hin qabne ta'e rakkisaadha kan jettu Jeen Wuurwaand manni miidhagina biizinasii akka laayyootti itti hojjetamuu danda'amu ta'uus ni ibsiti. Waa'ee jijjiirama qilleensaa ni dubbanna, waa'ee jijjiirama siyaasaas ni dubbanna. Godaansa dhala namaa guddaa pilaaneetii keenyarratti hanga ammaatti ta'e qabaachuuf jirra." Namoota afaan adda addaa, saba adda addaa qabatanii gara biyyoota keenya dhufan hunda yoomiyyuu maaliifi akkamittiifi eessatti dandamachuuf deemna Yoo ogummaa qabaatan itti fayyadamuu ni dandeenyas," jetti.

"Kaayyoon ijoo Deermaaloojikaa yeroo hunda leenjii ogummaa ture. Ogeessota gogaa 100,000 leenjifna. Kun lafee dugda guutuuti. Akkasumas lafee dugda koo ture, sun leenjii koo ture." Jetti. Milkaa'inasheef galata fudhachuutti gammaddi, garuu abbaa warraashee amma ta'e Reeymond, kan ijoollee lama waliin qabduufis kenniti. "Dermalogica Raymond malee ta'uu hin danda'u ture. Ana malees ta'uu hin danda'u ture. Lamaan keenyayyuu kophaa keenya gochuu hindandeenyu ture," jetti. "Inni nama ani beeku hunda caalaa qaroodha. Akkasumas daldala biraa jalqabuu qabaadhee, kan ani hojjechuuf hin yaadne, Reeymond malee nama biraa waliin hin hojjedhu ture."

Isaan firii milkaa'ina isaanii dabarsaniiru: bara 2020tti, maatiin Wurwands Sagantaa Gargaarsa Fandii Daldala Xiqqaa Deebisuu, fandii doolaara miliyoona 1 (£790,000) Pacific Community Ventures fi TMC Community Capital waliin ta'uun, daldala xixiqqaa Los Angeles keessatti gargaaruuf jalqaban yeroo weerara vaayrasii koroona qormaata maallaqaa qabsaa'aa jiru.

Daneessummaan miidhagina malee sodaa miti



Dinagdee

Hizqi'eel Tashoomaa

Karoorri Imala Badhaadhinaa, bu’aa roga hedduu fidaa jira

Karoorri imala badhaadhinaa waggoota sadiin dura bocamee hojiirra oolaa jira. Komishiiniin Karorafii Misooma Oromiyaa, karoora kana qopheessuu, hordofuu, gamaggamuun hanqina, ciminaafi muuxannoo argaman addaan baasuun akka babal’ataniif hojjetaa tureera.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa cabinsa hawaas-dinagdee fayyisuuf tarkaanfiiwwan haaraa garaagaraa bocee hojiirra oolchaa tureera. Tarsiimoofi tarkaanfiiwwan haaraan adda addaa bocamanii hojiitti galfamanis bu’aa fidaa jiru.

Naannichatti qorumsa uumamaafi namtolchee damdamachuun hojiiwwan misoomaa garaa garaa raawwatamaa tureera. Bara 2016 kanas “Karoora Xiiqii” baay’ina, ariitiifi qulqullinaan hojii raawwachuun dandeessisu qopheessuun karoora imala badhaadhinaa saffisiisuuf xiyyeeffannaan kennameera.

Adeemsa waggoota sadeen darbe keessatti galmoota misoomaa qabaman milkeessuuf hojiiwwan roga hedduutu hojjetame.

Bu’aawwan gama dinagdeefi hawaasummaan argameefi kallatti fuula duraa komishiinichaarratti, bakka bu’aa Damee Hordoffiifi Gamaggama Misooma Raawwii Karoora Mootummaa Obbo Birhaanuu Jiraa waliin turtii taasifneerra, yaadafi akeeka isaanii bu’uura taasifachuun barreeffama kanaan qindaa’eera.

Misooma baadiyyaa ilaalchisee: Mootummaan Naannoo Oromiyaa galmoota misooma naannichaa ittiin mirkana’u, kan misooma baadiyyaa, misooma magaalaa, misooma hawaasummaa, bulchinsaafi horataalee mootummaa, nagaafi haqaa jalatti gurmeessuun hojjetaa jira.

Galmoota kana keessaa, misooma baadiyaatiin wabii midhaan nyaataa mirkaneessuu, al-ergii guddisuu, oomisha alaa galu biyya keessatti oomishuun bakka buusuu, carraa hojii bal’aa uumuurratti xiyyeeffachuun waggoota sadan darbeef hojjetaamaa tureera.

Waggoota kana keessatti mootummaan naannichaa dinagdee nama dhuunfaafi waloo fooyyessuuf, wabii midhaan nyaataa mirkaneessuu bira darbee oomisha alaa galu bakka buusuufi al-ergii guddisuu cinaatti carraa hojii bal’inaan uumuurratti xiyyeeffachuun inisheetivota dinagdee nama dhuunfaafi hawaasaa jijjiiran bocuun hojiirra oolchaa tureera. Keessumattuu mala qonnaa fooyyeessuu, aadaa hojii jijjiiruu, bonaafi ganna oomishuu, teknoolojii qonnaa haaraa garaa garaa madaqsuufi babal’isuufi kkf irratti xiyyeeffachuun dinagdee damdaneessa ijaaruuf hojjetaameera.

Dinagdee damdanessa kanas dameewwan misoomaa garaa garaa kan akka qonnaa, industirii, albuuda,tuurizimiifi kan biroorratti bocamee hojiirra oolaa jira. Akka fakkeenyaatti tarkaanfiiwwan haaraa damee qonnaan bocamanii hojiirra oolaa jiran keessaa inisheetiviiwwan qonnaa garaagaraa kan eeramanidha.

Bara oomishaa 2011/12 lafa qonna gannaa heektaara Mil.6.1 qotameerraa oomishaa kuntaala miiliyoona 175.645 kan argame yoo ta’u, xiyyeeffannaa addaa kennameen, bara oomishaa 2014/15 lafa qotamu gara heektara miliyoona 6.7tti ol guddisuun oomisha kuntaala miliyoona 203 ol sassaabuun danda’ameera.

Hojii qonnaan hojjetaman kana teknoolojiitti

gargaramuun si’eessuuf,ittifayyadama makaanaayizeeshinii qonnaa akka dabaluuuf hojjetamaa tureera. Akkatuma kanaan, dhiyeessiiwwan tiraaktera, kombaaayineraa, paampii bishaanii yeroo gara yerootti ol dabaluuun hojiiwwan qonnaa bakka hedduutti teknoolojii kanaan tumsuun danda’ameera.

Teknooloji adda addaa kannen akka xaa’oo keemikaalaa, keemikaalota eegumsaa adda addaaf oolaan fayyadamuufi sanyii filatamaarrattis bal’inaan hojjetamaa tureera. Kunis qulqullinni oomishaafi hanga oomishaa yeroo gara yerootti akka dabaluu taasiseera.

Misooma bunaa ilaalchisee, hojiin kunuunsa, babal’ina biqiltuu bunaa akkasumas qulqullina bunaa eegsisuurratti hojjetame bu’aa argamsiiseera.

Kunuunsa qabeenya uumamaa, misoomaa sululaafi ashaara magaariisaan hojiin akka Naannoo Oromiyaatti hojjetame fakkeenyummaa kan qabuufi bu’aan roga hedduuf bu’uura kaa’eera.

Fooyya’insa sanyii beeyladaatiin, bara 2012tti loon 221,571 irra kan ture bara 2015tti loon kuma 521 olitti fooyyessuun danda’ameera. Fooyya’insa damee kanarratti mul’ateen jabbileen sanyii fooyya’oo 92,214 dhalataniiru. Bara 2015tti jabbilee kuma 203 ol irraan gahuun danda’ameera. Kanaanis, oomishaafi oomishtummaan aannaniifi horii foonii dabalaa dhufeera. Hojiin kunis, sadarkaa magaalaa fi baadiyyaatti madda galii nama dhuunfaafi waloo ta’aa jira.

Loon gabbisuu: baay’ina horii foonii (loon, re’eefi hoolaa) bara 2012tti miiliyoona 12 fi kuma 465 ture bara 2015tti miiliyoona 56fi kuma 556 oliin gahuun danda’ameera. Akkaatuma kanaan oomisha foonii bara 2012tti toonii kuma 776fi dhibba 836 hin caalle, bara 2015tti toonii miiliyoona 3.122 gabaaf dhiyaateera.

Misooma dammaa: karoora misooma dammaan qabame milkeessuuf, raabsaa gaaguraa ammayyaa bara 2012tti miiliyoona 2.25 raawwatameera. Inisheetivii misooma dammaan “Labsii Jimmaa” dhaadannoo “Oromiyaa galaana dammaa ni taasisna” jedhuun bara 2013 Magaalaa Jimmaatti labsame booda sosochii uumameen bara 2015tti gaagura ammayyaa miiliyoona 4.65tti guddisuun danda’ameera. Oomishni dammaa bara 2012 toonii kuma 52 irra ture, xumura bara 2015tti gara toonii kuma 225fi 156tti guddateera. Kunis madda carraa hojii dabalataa uumuun dargaggoota sadarkaa garaagaraa fayyadamaa taasisaa dhufeera.

Qonnaan bulaan naannichaa hirkattummaa roobaa jalaa bahuun aadaa hojiiisaa akka jijjiiruuf hojiin hojjetamaa tureera. Kanarraa ka’uun hojii hojjetamaa tureen bonaafi ganna oomishuun aadaa hojii baratame jijjiiruun oomisha dabaluuun danda’ameera. Kanaanis, seenaa biyyaatti keessatti oomisha qonnaatiin qamadii biyya alarra eegamaa ture, karoora imala badhaadhinaaf qabame keessatti milkeessuun gara alaatti erguun seenaa jijjiiruun danda’ameera.

Cehumsa dinagdee uumuuf hojii roga hundaan hojjetamaa tureen, qonnaan bulaan baay’inaan akka qusatu taasisuun gara investimantiitti ceesisuuf hojii hojjetameen bu’aan abdachiisaan galma’eera.

Oomishaafi oomishtummaan dabaleera, jiruufi jireenya hawaasa sadarkaan jiru foyyesseera,

galteewwan industirii fi eeggatummaa qamadii biyya alarra ofbaraaruun biyya keessatti oomishamee galtee industirii fi al ergii uumuun seenaa jijjiiruun danda’ameera.

Qonnaan bulaan naannichaa, tarsiimoofi inisheetiviiwwan haaraa bocamanii hojiirra oolaa jiraniifi teknoolojii adda addaatti fayyadamuun oomisha industirii fi al-ergii oomishuun, oomisha alaa galan bakka buusuu bira darbee al-ergii (buna, qamadii, foon, midhaan dibataa, muduraafi kkf) keessatti qooda fudhachuu danda’eera. Oomisha industirii alaa galus baay’inaan oomishuun galteewwan oomisha qonnaa warshaaf oolan (garbuu biiraa, midhaan dibataafi kkf) hir’isuun danda’ameera. Milka’ina imala karoora badhaadhinaa keessatti mul’atan bakka hundatti babal’isuun fayyadamummaa hawaasaa kanaan mirkaneessuuf yoo hojjetame guddina damee kanaan akeekame nama hunda biraan gahuun yeroo gabaabaatti milka’ina olaanaa galmeessuun ni danda’ama.

Misooma Magaalaa: Jijjiiramaan dura hojiin qonnaa bal’inaan baadiyyaa qofarratti xiyyeeffatamee hojjetamaa tureera. Barsiifata kana jijjiiruuf galmoota misooma magaalaa afur addaan baasuun hojiitti akka seenamu ta’eera. Wabii midhaan nyaataa magaalaa mirkaneessuu, intarpiranarummaa, ogummaa ijaaruufi E-Governanacefi kenna tajaajilaarratti xiyyeeffannoon kenname hojjetamaa tureera.

Galmoota kana milkeessuuf leenjii dandeetti biizinasii gabbisuu garaa garaa kennameera. Carraa hojii ogummaan durfamu uumuufi kenninsa tajaajilaa ammayyeessuufi foyyeessuurratti hojjetamaa tureera.

Intarpiraayizota garaa garaa ijaaruun liqiifi iddoo oomishaafi gurgurtaa (lafa, sheedii, kilaasteraafi industirii godoo walitti hidhaminsa qabu uumuun) dargaggoota miiliyoonatti lakkaa’aman hojiitti galchuun danda’ameera. Gama biroon, kenna tajaajilaa tuttuqaarraa bilisa taasisuuf hojiin baay’een hojjetameera. Kunis kenna tajaajila kan fooyyesse yoo ta’u, bakkaafi tajaajilawwan adda bahan irratti cimsanii itti fufsiisuun murteessadha.

Magaalaa keessatti, inisheetivota misooma aannanii, misooma lukkuu, misooma dammaa, loon gabbisuu fi lafa hektaara 168,600fi sheediwwan 14,860 ijaaruun dabarsuufi liqii qarshii biiliyoona 7.85 mijeessuun hojiitti galchuun danda’ameera.

Inisheetivonni galmoota magaalaa qabamanfi jireenya magaalaa fooyyeessu jedhamee karoorfame dabalatee sagantaan “nyaata koo boroo kootti” jedhu magaalota keessatti wabii nyaataa mirkaneessuu, carraa hojii uumuufi jiruufi jireenya hawaasa magaalaa irratti bu’aa argamsiisaa dhufeera.

Gama investimantiin waggoota 3’n darban keessatti investimantii simachuufi hojiitti galchuu, qaawwaa investimentii addaan baasuun furmaata ka’uu, carraa hojii uumuufi kaapitaala investimantii bal’aa gara naannichaatti hawwachuun jijjirama roga hedduu uumuun danda’ameera.

Sosochii waggoota sadan darbaniin, pirojeektota investimentii kaapitaala qarshii biiliyoona 402 galmeessan kuma 12fi dhibba 771 kanneen carraa hojii namoota miiliyoona 1.22f uuman dabalataan hojiitti galchuun danda’ameera.

Barumsi naannoo hubannoo hawaasaa guddisuudhaaf shoora guddaa qaba!

Baankiin Siinqee W.A Qabeenya armaan gadii bu’ura Aangoo Labsii 97/1990 (akka fooyya’etti) kennameefiin gurguruu barbaada

T. L	Maqaa Liqeeffataa	Maqaa Nama qabeenya qabsiisee	Damee Liqeesse	Teessoo Qabeeya Caalbaasiif dhiyaatee, Lakk.Kaartaa, fi Bal’ina Lafichaa				Ka’uumsa Caalbaasii Qarshiidhaan)	Yeroo Caalbaasiin itti gaggeeffamu		Marsaa Caalbaasii/ Caalbaasiin kan ba’e
				Qabeenya Caalbaasiif dhiyaate	Magaala/Kutaa Magaalaa/ Aanaa/ Gandaa/ Lakk. Manaa	Lakk. Kaartaa	Bal’ina fi Sadarkaa Lafichaa		Guyyaa	Yeroo (Sa’aatii)	
1	Mokonnoon Maammoo Jaal’ataa	Mokonnoon Maammoo Jaal’ataa	Burayyuu	Mana jireenyaa	Magaalaa Waayyuu ganda 01	384/2009	Bal’inni lafichaa 371.213m ² Sad.Lafichaa 2 nd	564,397.65	13/9/2016	Waaree dura sa’a 4:00-6:00	1 st

Dambiiwwan Caalbaasii:

- 1) Dorgomaan ykn bukka bu’aan seeraa dorgomaa gatii ka’uumsaa Caalbaasichaa 1/4^{ffaa} Ajaja Baankii /C.P. O/ dhaan mirkanaa’e qofa qabsiisuun galmaa’un dorgomuu ni danda’a. Dorgomaan Caalbaasicha mo’ate guyyaa 15 (kudha shan) keessatti gatii qabeenyicha ittiin mo’ate kaffalee kan hin xumurre yoo ta’e, Qarshii qabsiise Baankichaaf galii ta’ee, Caalbaasichi kan haqamu ta’a. Dabalataan garaagarummaa gatii qabeenyichi Caalbaasichaaf irra deebiin ba’uun uumamuuf ittigaafatamaa ta’a. Dorgomtoota Caalbaasicha mo’atamaniif Ajaja Baankii /C.P.O’n qabsiisan guyyaadhuma sana deebi’aaf.
- 2) Caalbaasii irratti argamuuu kan danda’u dorgomaa, liqeeffataa fi qabsiisaa qabeenya ykn bakka bu’aa seeraa isaanii qofa ta’a.
- 3) Caalbaasichi kan adeemsifamu teessoo/bakka qabeenyonni kanneen argamanitti ta’a.
- 4) Kaffaltii Liizii fi kanneen biroo bitataan bu’uura seeraatiin akka kaffaluuf murtaa’ee/dirqamu kanneen Taaksii waliin walqabatan bitataan/mo’ataan battala Caalbaasii mo’atee qabee kan kaffalu ta’a.

Caalbaasii

M/A/Mirgaa Xankir Banqoofi M/A/Idaa Anbassee Raggaasaa fa’aa N-3jidduu falmii raawwii jiru ilaalchisee qabeenyummaamn isaa kan raawwiin himatamaa 1ffaa Anbassee Raggaasaa ta’e mana jireenyaa Lakk. Kaartaa isaa Da/79/2002 ta’e Magaalaa Duukam Ganda Kootichaa keessatti argamu ka’umsaa caalbaasii qarshii 12,309,595.¹⁸/100tiin gaafa 13/09/2016 sa’aatii 3:30 - 6:30tti caalbaasiidhaan waan gurguramuuf namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan caalbaasii ka’umsa caalbaasirraa ¼ qabsiisuun iddoo, guyyaafi sa’aatii jedhameetti dhiyaachuun dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/W/Oromiyaa.

Caalbaasii

R/Himaaan Bagaashaawu Ayyaansaa fi R/Himatamaan Massalaa Birahaanuu jidduu falmii jiru ilaalchisee qabeenyaa raawwii himatamaa kan ta’e mana jireenyaa Kutaa Magaalaa Gafrsaa Gujee Aanaa Gujeetti lafa kaaree meetira 190M² irratti qubatee argamu ka’umsaa caalbaasii qarshii 385,204.922tiin gaafa 19/09/2016 sa’aatii 3:00 - 7:00tti caalbaasiin waan gurguramuuf namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddanka’umsa caalbaasiirraa ¼ isaa Lakk. Herreegaa mana murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Gafarsa Gujee Lakk. 1033300182517 Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa irratti qabsiisuun modeela 85itti murachuu iddoo, guyyaafi sa’aatii jedhameetti dhiyaachuun dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta’uu manni murtii ni beeksisa.M/M/A/K/Magaalaa Gafarsa Gujee.

Yeneesawu Mokonniniitiif

Bakka Jirtanitti

Himataa Obbo Huseen Ahimadiifi Himatamaan isin jidduu falmii siviilii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellamni gaafa 07/08/2016 sa’aatii 3:00 irratti akka dhiyaatanii manni murtii ajajeera.M /M/A/K/M/Bokkuu Shan

- 5) Waldaan Daldalaa Waldicha bakka bu’ee Caalbaasicha irratti dorgomuu barbaade sanada aangoo qaamaa seerummaa qabaachuu isaa agarsiisu (Barreeffama Hundeeffamaa fi ykn Dambii ittiin Bulmaataa) fi aangoo bakka bu’insa seeraa qabatee dhiyaachuu qaba.
- 6) Baankichi karaa mijaawaa biroo yoo argatee, Caalbaasicha guutummaatti ykn gar-tokkeen osoo hin gaggeessin haquuf mirgi isaa kan eegaamedha.
- 7) Namni qabeenyota Caalbaasiif dhiyaatan kanneen illaaluu barbaadu, Dameewwan kanneen beellama qabsiifachuun ilaaluu ni danda’a.
- 8) Bakki caalbaasiin itti geggeeffamu Magaalaa Shaambuu mooraa Damee Shaambuu keessatti ta’a. **Odeeffannoo dabalataaf: - Lakkoofsa bilbilaa Baankii Siinqee Kutaa Tajaajila Seeraa (011-5576016), Damee Buraayyuu (0112604842) ta’e irratti bilbiluun gaafachuun ni danda’a. Baankii Siinqee W.A**

Obbo Naaziif Tarrafaa Nagawoo Kaartaa Lakk. isaa OR005022111004, Lakk. Seerii OP0019641 kan ta’eefi Lakk. Nagahee 2514975 kan ta’een galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka naaf kennamu jedhanii gaafataniiru.Kanaafuu kaartaa kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (kaartaa) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa.

Obbo Tasfaayee G/Kidaan Nagahee Lakk. isaa 175250,Lakk. Galmee T-2426 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furi.

Obbo Baqqalaa Dhaabaa Nagahee Lakk. isaa 408248,Lakk. Galmee B-2493 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furi.

Ababaa Dabasaayii Nagahee Lakk. isaa 035744 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furi.

Obbo Xilaahuun Geetaahuun Nagahee Lakk. isaa 1885419,Lakk. Galmee X-123 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furi.

Aadde Fiqirtee Dajanee Nagahee Lakk. isaa 166470,Lakk. Galmee F-866 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furi.

Obbo Qalbeessaa Gurmaasaafi N-3 Nagahee mirriitii Lakk. isaa 2515147 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sabbataa.

Aadde Baqqalech Dhaabaa Daadhii Nagahee mirriitii Lakk. isaa 569388 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sabbataa.

Aadde Mitikkee Tolaa Nagahee mirriitii Lakk. isaa 166065 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sabbataa.

Obbo Marsinaan Alamuu Nagahee Lakk. isaa 428279 ta’e maqaa Sha/Masfin Siyyumiitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachuu baate, ragaa abbaa qabiyyee (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Aadde Faanos Abbabuu Nagahee mirriitii iddoo mana jireenyaa Lakk. isaa 1382078 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 20 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachuu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sulultaa.

Ma’aazaa Abbabuu Nagahee mirriitii iddoo mana jireenyaa Lakk. isaa 1382079 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 20 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachuu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sulultaa.

Obbo Yeechaalee Asfaawu Nagahee mirriitii iddoo mana jireenyaa Lakk. isaa 1382066 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 20 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachuu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sulultaa.

Wayinaarag Abbabuu Nagahee mirriitii iddoo mana jireenyaa Lakk. isaa 1382064 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 20 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachuu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sulultaa.

Alam Taayyee Nagahee mirriitii iddoo mana jireenyaa Lakk. isaa 1821637 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 20 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachuu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sulultaa.

Manasillaasee Tadilaa Nagahee mirriitii iddoo mana jireenyaa Lakk. isaa 1821636 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 20 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachuu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sulultaa.

3^{ffaa} Obbo Mogos Gululaatiif Bakka Jirtanitti

Oliyyataan Barsiisaa Zarihuun Ayyalaafi deebii kennaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee deebii kennaan 3ffaa kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 14/08/2016 sa’aatii 3:00tti akka dhiyaatanii falmattan ta’ee, yoo dhiyaachuu baattan dhimmichi bakka isin hin jirretti kan ilaalamu ta’uu Manni Murtii ajajeera.M/M/Aanaa Yayyaa Guullallee.

Aadde Warqinehe Asaffaatiif Bakka Jirtanitti

Himataan Dhaabbata Maayikiroo Faayinaansii viizyiin Fandii Damee Adaamaa fi Himatamtuun isin jidduu falmii siviilii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 14/08/2016 sa’aatii 9:00irratti akka dhiyaattanii falmattan ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e dhimmichi bakka isin hin jirretti kan ilaalamu ta’uu Manni Murtii ajajeera.M/M/O/Magaalaa Adaamaa.

1^{ffaa} Aaddee Sablee Gizawutiif 2^{ffaa} Obbo Siisaay Raggaasaatiif Bakka Jirtanitti

Himataa Dhaabbata Maayikiroo Faayinaansii Viizyiin Fandii Damee Adaamaa fi Himatamtoota isin jidduu falmii siviilii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 14/08/2016 sa’aatii 9:30irratti akka dhiyaattanii falmattan ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e dhimmichi bakka isin hin jirretti kan ilaalamu ta’uu Manni Murtii ajajeera.M/M/O/Magaalaa Adaamaa.

Himataan Bulchaa Aanaa Sulultaa fi Himatamaa Waldaa Shariika Yobsan, Dajaneefi Hiriyoota isaa miseensonni waldichaa 1, Caalaa Darrabbaa fa’aa N-15 jidduu falmii jiru ilaalchisee Himatamtoonni 1^{ffaa} Agarii Addunyaa 2^{ffaa} Fiqirtee Mokonnin 3^{ffaa} Fiqaaduu Ambassaa 4^{ffaa} Yoobsaan Sanbataa 5^{ffaa} Birhaanuu Habtaamuu mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii guyyaa 10keessatti dhiyaattanii heeyyamsiisa akka gaafattan beekisaa beellamni gaafa 11/08/2016 sa’aatii 4:00 irratti akka dhiyaatanii manni murtii ajajeera.M/M/A/Sulultaa.

Obbo Yemaan Ambaawutiif Bakka Jiranitti

Iyyattuun Aadde Madihaanit Kaasaa fi waamamatoonni isin fa’aa N-2 jidduu falmii ragaa hiyyummaa jiru ilaalchisee galmeen sirna hiyyummaa banamee ilaalamaa waan jiruuf beellamni gaafa 17/08/2016 sa’aatii 4:00 irratti dhiyaatanii iyyata dhiyaaterratti deebii akka kennitan ta’ee, yoo dhiyaachuu baattan dhimmichi iddoo isin hin jirretti kan ilaalamu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/W/Oromiyaatti Dhaddacha Dhaabbii Bahaa

Obbo Saamsoon Asaffaatiif Bakka Jirtanitti

Iyyattuun Aadde Liidiyaa Ajjamaafi himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellamni gaafa 11/08/2016 sa’aatii 5:00 irratti akka dhiyaatanii manni murtii ajajeera.M/M/A/K/Magaalaa Malkaa Noonnoo.

Aadde Zawuduu Fiqaaduu Nagahee Lakk. isaa 176676 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa.



Seeraafi Haqa

Taammanaa Gammadaa

Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa deebisiisuufi bulchuu: Sakatta'insa seeraafi hojimaataa Naannoo Oromiyaa

Yakki malaammaltummaa yakka miidhaa hawaas dinagdeefi siyaasaa olaanaa lammiileefi biyyarraan gahudha. Miidhaawwan kanneen keessaa muraasni dhaabbileen mootummaafi dhuunfaa hojiisaanii qixa karoorfameen fiixan baasuu dadhabuu, adeemsi hojiisaanii sirna akka dhabu taasisuu, gaaga'ama nageenyaafi sarbama mirga namoomaa qaqqabsiisuufaadha. Bu'uraaleen misoomaa akka hin babal'anne gochuufi kan hojjetamus sadarkaa qulqullinasaa gadi bu'aa taasisuufi dhumarratti mootummaa humna dhabsiisuun siyaasa biyyattii gooluu danda'a . Miidhaa ,malaammaltummaan nageenyaafi guddina hawaas-dinagdee addunyaarratti fidu hubachuun Dhaabbanni Mootummoota Gamtoomanii, Gamtaan Afrikaa, Gamtaan Awurooppaa, Dhaabbileen Mirga Namoomaafi Dinagdee garaagaraa sanada ittisa malaammaltummaa qopheessaniiru. Sanadoota kanneen keessaa tokko waliigaltee ittisa malaammaltummaa dhaabbata mootummoota gamtoomanii yoo ta'u, waliigalteen kun boqonnaa 3ffaa jalatti yakkoota malaammaltummaafi tarkaanfiiwwan fudhatamuu qaban tarreessee jira. Tarkaanfiiwwan kanneen keessaa 'qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e deebisiisuu/dhaaluu' waliigalticha keessatti hammachiisuun biyyoonni waliigalticha mallatteessan hojirra akka oolchan kallattii kaa'ee jira .

Kana malees, Gamtaan Afrikaa miidhaa yakka malaammaltummaa akka ardii Afrikaatti jiru hubachuun waliigaltee ittisaafi farra malaammaltummaa qopheessuun hojiirra oolchee jira. Waliigalteen kunis kwt.16 jalatti dhaalmaafi ugurri qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa hammachiisuun biyyoonni miseensa ta'an akka hojiirra oolchan dirqama kaa'ee jira. Tumaalee waliigalteewwan kanaarraa kan hubatamu qajeeltoo 'namni kamiyyuu yakka raawwaterraa bu'aa argachuu hin qabu' jedhu akka tarsiimoo ittisa yakka malaammaltummaatti fayyadamuusaaniiti. Itoophiyaan malaammaltummaa ittisuuf sochii yeroo dheeraa taasisaa turteetti. Bu'uuruma kanaan seera adabbii yakkaa bara 1957 baafaterraa ka'uun waliigaltee farra malaammaltummaa Dhabbata Mootummoota Gamtoomanii, Waliigaltee Ittisaafi Farra Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaa malaammaltummaa yakkoomsan hammachiistee jirti. Seerri Adabbii yakkaa kun Seera Yakkaa RDFItiin bara 2004 ALA yoo bakka bu'u, yakkoota malaammaltummaafi adabbiisaanii bifa fooyya'aafi iftoomina qabuun hammachiifameera. Yeroo ammaatti tumaalee seera yakkaa keessatti hammataman addatti baasuun kanneen biroos itti dabaluun yakkooni malaammaltummaa labsii of danda'e labsii yakka malaammaltummaa lakk. 881/2015 jedhamuun addatti ragga'ee jira. Kanaan alattis, sochii malaammaltummaa ittisuun wal qabatee seerota adeemsaafi seera ragaa addatti tumuun dhaabbilee naamusaafi farra malaammaltummaa hundeessuun danda'ameera. Dabalataanis, biyyi keenya Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii waliigaltee Ittisaafi Farra Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaa raggaasiftee jirti. Sadarkaa idil-addunyaattis ta'e sadarkaa biyyaalessaatti malaammaltummaa ittisuun wal qabatee tarkaanfileen akka fudhatamaniif ciminaan akeekaman keessaa tokko qabeenya bu'aa malaammaltummaa deebisiisuu/dhaaluu kan jedhudha. Qabeenya bu'aa malaammaltummaa dhaaluun kaayyoon raawwii yakkichaa akka hin milkoofta taasisuurra darbee namoonni biroo yakka wal fakkaataa akka hin raawwanneef miira sodaa uumuun yakka

malaammaltummaa ittisuun keessatti gahee olaanaa kan taphatudha. Tarkaanfilee kanas yeroo yerootti raawwiisaanii sakatta'uun rakkoolee hanqinaalee mul'atan sirreessuun barbaachisaadha. Sadarkaa Naannoo Oromiyaattiyakkamalaammaltummaa ittisuun wal qabatee qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa dhaaluufi bulchuu ilaalchisee qorannoon sadarkaa naannootti taasifame hin jiru. Kanumarraa ka'uun qorannoon kun sadarkaa Naannoo Oromiyaatti yakka malaammaltummaa ittisuun keessatti qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa deebisiisuun/dhaaluun wal qabatee hanqinaalee ykn rakkoolee hojimaataafi seeraa adda baasuun yaada furmaataa kan akeekedha. Labsii deemsa addaa farra malaammaltummaafi seera ragaa fooyyessuuf bahe lakk. 882/2015, labsii deemsa addaa farra malaammaltummaafi qajeelfama ragaa fooyyessuuf bahe lakk. 434/2005 labsii Komiishiinii Naamusaafi Farra Malaammaltummaa irra deebiin hundeessuuf bahe lakk. 1236/2020. Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e ykn qabeenya miidhaa yakka malaammaltummaan qaqqabe gitu himannaa yakkaatiin, hariiroo hawaasaa ykn falmii mana murtiin ala deemsa birootiin akka dhaalamuu qaban labsiiwwaniifi waliigalteewwan idiladdunyaa Itoophiyaan raggaasiftenni kaa'u. Milkaa'inni raawwiisaa yakka malaammaltummaa ittisuun keessatti gahee olaanaa kan qabudha.

Haata'u malee, Naannoo Oromiyaa keessatti qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e ykn qabeenya miidhaa yakka malaammaltummaan qaqqabe gitu dhaalchisuu ykn deebisiisuun wal qabatee hanqinaaleen akkasumas rakkooleen hojimaataafi seeraa tokko tokko jiraachuunsaa ni mul'ata. Qabeenya bu'aa malaammaltummaa ta'ee ykn miidhaa yakka malaammaltummaan qaqqabe duguuganii qorachuuykn adda baasuu dhabuun, qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e ykn qabeenya miidhaa qaqqabe gitu danda'u dursanii uggursiisuu dhabuun, qabeenya uggurame sirnaan bulchuu dhabuun, murtiin adabbii yakkaa erga kennameen booda qabeenyi bu'aa yakkaa akka dhaalamuuf murtii kennuu dhabuun ykn murtiin dhaalmaa akka kennamu taasisuu dhabuun, qabeenya murtiin dhaalame bulchuun wal qabatee sirni ifa ta'e jiraachuu dhabuun hanqinaalee qaamolee haqaa oromiyaa biratti mul'atanidha. Dabalataan, himannaa yakkaatiin alatti, adeemsa hariiroo hawaasaafi adeemsa bulchiinsaatiin qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e deebisiisuuf ykn akka deebi'u gochuuf sirni cimaafi iftoomina qabu diriiruu dhabuun akka hanqinaafi rakkoolee hojimaata keessatti mul'atan ta'ee ni kaafama. Kanaafuu, qorannoon kunis sababoota ijoo hanqinaleefi rakkoolee kanneeniif ka'umsa ta'an adda baasuun furmaatasaa akeekera.

Yaadrimeefi kaayyoo qabeenya bu'aa yakka mamaamaltummaa dhaaluu

Yakki malaammaltummaa yakka itti yaadamee bu'aa argachuuf ykn nama biroof argamsiisuuf raawwatamudha. Yakka kana caalaatti walxaxaa kan taasisu yakkamtoonni akkuma yakkicha raawwataniin bu'aa yakkicha irraa argame seera qabeessa fakkeessuufi maddasaa dhoksuuf carraaqii garaagaraa taasisu. Yakka kana ittisuuf yakkamaa adabuu qofa osoo hin taane bu'aa yakki irratti xiyyeeffatee raawwatame hordofuun qorannoo adeemsisuu, dhoorkisiisuufi dhaaluun bu'aa olaanaa qaba. Malli qabeenya bu'aa yakkaa hordofuun deebisiisuu kun yakka malaammaltummaa ittisuuf duula taasifamu milkeessuu keessatti iddoo olaanaa qaba. Barreeffamoonni ifi seeronni tokko tokko yaadrimee 'qabeenya bu'aa yakkaa dhaaluu' ykn 'consfication' jedhuuf hiika kallattii kennaniiru.

Kanneen keessaa hiikkoo waliigaltee Ittisaafi Farra Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaa, Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii, Waliigaltee Ittisa Yakkoota Gurmuu Daangaa Qaxxaamuranii Mootummoota Gamtoomanii waliigaltee Mana Maree Awurooppaa qabeenya bu'aa yakkaa miicuu, sakatta'uu, ugguruufi dhaaluurratti kenname ilaaluun ni danda'ama. Bu'uura waliigaltee ittisaafi farra malaammaltummaa Gamtaa Afrikaatiin qabeenya bu'aa yakkaa dhaaluu jechuun yakka malaammaltummaan wal qabatee himannaa yakkaa hordofuun qabeenya bu'aa yakkaa ta'e ykn meeshaa yakki ittiin raawwatame guutummaan akka fudhatamuuf adabbii ykn tarkaanfii manni murtii ajajudha.

Gama biraatin, waliigaltee Mana Maree Awurooppaa qabeenya bu'aa yakkaa miicuu, sakatta'uu, ugguruufi dhaaluurratti hiikkoo kenneen qabeenya bu'aa yakkaa dhaaluu jechuun himannaa yakkaa qabeenya nama kw. 1 waliigalteen ittisaafi farra malaammaltummaa Gamtaa Afrikaatiin dhabsiisuu danda'anirratti hundaa'ee adabbii ykn tarkaanfii mana murtiitiin kennamudha. Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii waliigaltee Ittisa Yakkoota Gurmuu Daangaa Qaxxaamuranii Mootummoota Gamtoomanii hiikkoo wal fakkaataa gaalee 'qabeenya bu'aa yakkaa dhaaluu' jedhuuf kennaniin ajaja mana murtii ykn qaama aangoo qabu kan birootiin dhaabbiidhaan qabeenya dhabsiisuuf kennamudha. Seerota biyya keenyatti tumaman keessaa gaalee 'qabeenya bu'aa yakkaa dhaaluu' jedhuuf hiikkoo kan kenne labsii qabeenya ykn qarshii yakkaan argame seerawaa gochuun dhiyeessuufi shoorarkeessummaa deggeruu ittisuuf bahe lakk. 780/2013 yoo ta'u, bu'uura labsii kanaatiin qabeenya bu'aa yakkaa ta'e dhaaluu jechuun murtii mana murtiitiin mirga abbaa qabeenyummaa dhaabbiidhaan mulquudha.

Hiikoowwan kanneenirraa akka hubatamutti, bu'uura waliigaltee Gamtaa Afrikaaafi Mana Maree Awurooppaatiin qabeenya bu'aa yakkaa dhaaluun kan danda'amu himannaa yakkaarratti hundaa'ee adabbii ykn tarkaanfii manni murtii kennuun yoo ta'u, bu'uura hiikoo waliigaltee farra malaammaltummaafi waliigaltee ittisa yakkoota gurmuu daangaa qaxxaamuranii mootummoota gamtoomaniiin kennameen mana murtiin alatti qaama aangoo qabuun ajaja kennamuunis qabeenyi kan dhaalamuu danda'u ta'uusaati. Bu'uura labsii qabeenya ykn qarshii yakkaan argame seerawaa gochuun dhiyeessuufi shoorarkeessummaa deggeruu ittisuuf bahe lakk. 780/2013n qabeenyi kan dhaalamu murtii mana murtiitiin ta'uu kaa'ameera. Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e dhaaluun kaayyoo mataasaa qaba. Kana keessaa tokko kaayyoon yakki kun irratti xiyyeeffatee raawwatamu bu'aa argachuu ykn nama biraaf argamsiisuu waan ta'eef, qabeenya bu'aa yakkaa ta'e dhaaluun carraa yakkamaan qabeenyichatti fayyadamuu dhabamsiisuun/cufuun kaayyicha yakki ittiin raawwatame cabsuudha. Kana jechuun yakkichi kan raawwatame bu'aa dinagdee bu'uureffatee waan ta'eef, kana dhabsiisuun kaka'umsa namni biraa yakkicha raawwachuuf qabu cabsuun yakkicha ittisuuf fayyada. Kan biraa yakki malaammaltummaa bu'aa seeraan alaa argachuuf kan raawwatamu ta'uunsaa mootummaa ykn nama dhuunfaa ykn dhaabbatarratti miidhaa kan geessisu waan ta'eefi.

Qorattootni: Abdii Tasfaa, Kadir Qaasoo; Inistiitiyuutii Leenjiifi Qorannoo Seeraa Oromiyaa (ILOSO) Caamsaa, 2015

Dhiibbaawwan bosonoota keenyarra jiru hir'isuuf qoraaniifi ijaarsaaf filannoowwan jiran faayidaarra haa oolchinu!



Rakkoolee akka malee baay’achuun ummataa qaqqabsiisuufi furmaatasaa

Baay’ina ummataa jechuun waliigala namoota bakka tokko jiraatan jechuudha. Bakka tokko kan jennu, akka addunyaatti, ardiitti, biyyaatti, naannootti, godinaatti, magaalaattiifi kkf) kan agarsiisudha. Baay’inni ummata addunyaa yeroo ammaa biliyoona saddeet guutuusaa Dhaabbanni Mootummoota Gamtoomanii (UN) bara 2016/2024 keessa beeksiseera. Baayyinni ummata addunyaa amma jiru kan walakkeessa jaarraa 20^{ffaa} irra turerraa dachaa sadiin dabale. Dhaabbanni Mootummoota Gamtoomanii-UN ammoo baay’inni ummata Itoophiyaa bara 2050tti miliyoona 213 gaha jedhee tilmaamasaa kaa’a. Akkanaa dabaluun lakkoofsa ummataa carraa moo yaaddoodha? Itoophiyaafuu? Baay’inni ummata adduunyaa kanaa bara 2016/2024tti 8,118,835,999 kan ta’uufi kan bara 2015/2023 irraa 0.91 %’n dabalee jira. Akka addunyaatti lafa km² 1 irra namoota 55 ta’antu jiraata. Baay’inni ummata Afrikaa kan bara 2016/2024 1,494,993,924fi kan bara 2015/2023 irraa % 2.36 dabalee jira. Akka Afrikaatti lafakm² 1 irra namoota 49 ta’antu jiraata.

Addunyaarraa baay’ina ummataa olaanaa kan qaban Indiyaa 1,438,493,024, Chaayinaa 1,425,299,754, U.S.A.341,367, 012 walduraa duubaan sadarkaa qabatanii kan jiran yoo ta’u biyyi keenya Itoophiyaan immoo sadarkaa 10^{ffaa} irratti kan argamtu ta’uushee ragaan Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii dhiyeenya kana bara 2016/2024 keessa qopheesse ifoomseera.

Baay’inni ummata Itoophiyaa kan bara 2016/2024 129,719,719 yoo ta’u, kan bara 2015 irraa % 2.52 ykn 3,192,659 dabalee jira.Waliigala baay’ina ummata Itoophiyaa keessa jiraataan magaalaa % 22.5 ykn 29,204,015dha. Baay’ina ummata magaalaa Itoophiyaa kan bara darbeen wal bira qabnee yoo ilaallu % 0.4 ykn 1,244,121 dabalee jira. Baay’inni ummata magaalaa haala kanaan wggaa tokko keessatti kan dabalaa deemu yoo ta’e; bu’uuralee misoomaa duraan jiran baay’ina namoota kanaa keessummeessuu dadhabuu danda’a. Kun immoo kan agarsiisuu bu’uuralee misooma magaalaatiif xiyyeeffannoo guddaan kenname akka babal’achaa deemu akeeka. Akka Itoophiyaatti lafa km² 1 irraa namoota 130 oltu jiraata. Baay’ina ummata addunyaa keessaa Itoophiyaan % 1.60 qooda qabaachuun sadarkaa 10^{ffaa} irratti argamti. Itoophiyaarraa waggaatti godaantonni gara 11,999 ta’an ni bahu jedhamee tilmaamama. Itoophiyaan yeroo ammaa kana akka addunyaatti biyyoota baay’inni ummatasaanii saffisaan guddachaa jiran keessaa tokko yoo taatu, waggaatti % 2.52-% 3.02 dabalti. Itoophiyaan saffisa guddina amma qabdu hordoftee deemti yoo ta’e bara 2030tti A.L.A baay’inni ummatashee 149,296,378 irra akka ga’u tilmaamni mootummoota gamtoomanii ni argisiisa.

Akkuma biyyoota Afrikaa hedduu, Itoophiyaas baay’ina ummatasheerraa kan ka’e guddina misoomaafi itti fufinsa naannoo gidduutti wal

nyaatinsa walxaxaa ta’etu uumamaa deemu danda’a. Baay’ina ummataa Itoophiyaan qabdu keessaa irri caalaansaa dargaggoota yoo ta’u, umriinsaaniis waggaa 25 gadi kan ta’anidha. Kunis guddina biyyattiif carraafi qormaata ta’uu kan danda’udha.

Oromiyaan Bulchiinsota Naannolee Rippaabliika Dimookiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa keessatti argaman keessaa bal’ina lafaatiinis ta’e baay’ina ummataatiin tokkoffaadha. Baay’inni ummata naannoo Oromiyaa yeroo ammaa kana 41,790,000 yoo ta’u, kan bara 2015/2023 irraa 906,000 dabalee jira. (Gabaasa CSSA, 2016/2024). Sabni Oromoo baay’ina ummataa kanaanis Itoophiyaa keessattis ta’e gaafa Afrikaatti baay’ina ummataan sadarkaa tokkoffaarra kan jirtudha. Akka lakkoofsa ummataa bara 2007tti, baay’inni ummata Oromoo dhibbantaa ummata Itoophiyaa keessaa % 50ture. Oromoon ummata afaan hortee Kuush dubbatu kan Bahaafi Kaaba Baha Afrikaa keessatti argaman keessaa isa guddaadha. Odeeffannoon jiru akka ibsutti, ummanni Oromoo akka hawaasaatti gaanfa Afrikaa keessa waggoota kuma baay’eedhaaf jiraachaa akka ture qorannoon adda addaa ni addeessa. Xumuraa bara 2037’tti baay’inni ummata Itoophiyaa 136,792,000fi kan naannoo Oromiyaa immoo 53,121,000 ni ta’a jechuun CSSAn biyya keenya tilmaamasaa lafa kaa’ee jira.

Guddinni baay’ina ummata naannoo irratti miidhaa waan qabuuf addunyaa guutuuf yaaddoodha. Biyyoonni ‘dhohinsa’ ykn daddafinsa garmalee dabaluu baayyina ummataa baay’ina ummataatiin rakkatan dinagdeefi nageenyasaaniif balaa akka ta’etti ilaalu. Haata’u malee, kan nama ajaa’ibu biyyoonni Awurooppaa muraasnis baay’inni ummatasaanii hir’achaa dhufuun yaaddoo keessa jiru. Kunis humni hojjetaa dinagdeesaanii deggeru gahaan dhibuu danda’a kan jedhu calaqqisiisuun yaaddoo keessa akka galan taasiseera. Kanaafuu, baay’achuun yookaan xiqqaachuun ummata biyyaa tokkoo, dinagdee biyyaafi nageenya biyya sanaarratti miidhaa qaba.

Dinagdeefi baay’ina ummataa

Baay’inni ummataafi dinagdeen adda bahanii kan ilaalaman miti jedhu beektonniifi ogeessonna dinagdee (Abdul Mannaan Mahaammad, Landan). Dinagdeen roga sadii qaba. Isaaniis:”Humna namaa, kuufama kaappitaalaafi fooyya’insa tekinoooloojiiti.” sadeen kun akka ta’utti qindoomanii jennaan bu’aan dinagdeef buusan olaanaadha jedhu. Biyyoonni akka Itoophiyaas baay’ina ummataa fayyadamuun kaappitaala yoo kuusaniifi tekinoooloojii yoo jajjabeessan jijjiirama fiduu danda’u” jedhu ogeessi dinagdee Abdul Mannaan kan biyya Landan jiraatan.

Baay’nni ummataa Itoophiyaa amma jiru yaadessaa ta’uusaarraa kan ka’e rogoota diinagdee sadanitti fayyadamuun barbaachisaa akka ta’e akeekkachiisu.’Kana ta’uu baannaan baay’inni ummataa rakkoo siyaasaa, diinagdeefi

hawaasummaa nutti ta’uun isaa shakkii hin qabu.” jedhu ogeessi dinagdee kun. Harki caalaan ummata Itoophiyaa dargaggoo ta’uusaanii dagatamuu akka hin qabnes ni hubachisuu.

Waggoota fuula keenya dura jiran keessatti invastimentiin guddina diinagdee fidu danda’uufi carraa hojii uumuu danda’u yaadni jedhu hawaasaafi mootummaa biratti jajjabeeffamuu qaba. Keessumaa, yeroo ammaa keessaatti biyyoota guddachaa jiraniif damee” Indaastirii maanufaakchariingii guddisuu hordofuu akka qaban” beektonni dinagdee ni akeekkachiisu.

Ministeera Maallaqaa Itoophiyaa keessatti gorsaa olaanaa kan ta’an Dr.Biruuk Takkaa “imaammanni mootummaafi diinagdeen yoo wal sime, baayyinni ummataa carraadha malee yaaddoo hin ta’u jedhu.” Baayyinni ummataa mataasaatiin rakkoo hin ta’u” kan jedhan ogeessi kun, qabeenya uumamaa qabnu baay’ina ummataa waliin walitti dabalamee faayidaarra akka oolu baay’ee irratti hojjechuun nurraa eegamas,” jedhu.

Hoji dhabdootaaf hojii barbaaduuf carraa hojii madaalawaan akka uumamu taasisuun barbaachisaa ta’uu dubbatan.Kana gochuufis “imaammanni mijataan qophaa’uu qaba” jedhu.“Safaricom” Itoophiyaa keessa galuun carraa hojii uumamaa jiru akka fakkeenyaatti kan kaasan Biruuk, “dameeleen hin tuqamne hedduun jiru,” jedhu.”Mootummaan jijjiiramaa imaammata hedduu gochaa jiraachuun isa jajjabeeffamuu akka qabu” dubbachuun; Biyya Indooneshiyaa akka muuxannootti fayyadamuun, baay’ina ummataa akka carraatti fudhachuun ni danda’amas jedhan.

Baay’inni ummata Indooneshiyaa kan Itoophiyaan dachaa lamaa oli, biyya saba baay’innisaa hedduu ta’e kan qabdudha.Indoneezhiyaan waggoota 15 darban gara sirna dimookraasiitti dhufuusheen dura bu’aa bayii hedduu keessa dabarte . Itoophiyaanis sirriitti waan itti hin fayyadamneef malee humni jiru hedduudha”Qabeenya Itoophiyaan qabdu baay’ina ummataan walsimsiisanii sirnaan fayyadamuuf garuu “Nageenya biyyaalessaa barbaachisaadha” jedhu gorsaa olaanaan Doktor Biruuk Takkaa.

Daarektarri Dhaabbata Imaammata Misooma Afriikaa Doktor Eeliyaa Zuluum gamasaaniin Itoophiyaan “barnoota, ijaarsa dandeettiifi fayyaan deggeramtee ummatashee ce’umsa dinagdeef oolchuu ni dandeessi” jechuun BBC’tti himaniiru. Eeliyaa Zuluum “baay’nni ummataa misoomaaf kennaa guddaadhas” jedhaniiru.

Itoophiyaafi Naayijeeriyaan akka ardii Afriikaatti biyyoota baay’ina ummataa guddaa galmeessisuun beekaman keessaa warra duraati.Baay’inni ummataa guddaan kan barateefi kan leenji’e yoo ta’e, diinagdee biyyaa guddisuu keessatti gahee guddaa qaba. Haata’u malee, faallaa kanaan ummatichi hojii dhabaafi fayyaan isaa kan hin eegamne yoo ta’e badii guddaa *Gara fuula 2tti hordofsiisa.*

Bulchiinsa gaarii mirkaneessuun dagaagina sirna dimookiraasiitiif bu’uura!



Oduu

Bulchinsa Magaalaa Roobeetti agarsiisni daldalaafi baazaarii biyyaalessaa baname

W/K/Magaalichaatiin

Bulchiinsa Magaalaa Roobeetti agarsiisni daldalaafi baazaarii biyyaalessaa torban lamaaf turu ergaa "waliin taanee Roobee haa misoomsinu"jedhuun qindoomina Waajjira Daldalaa Bulchinsa Magaalichaafi Dhaabbata Piromooshiniifi Maarkeetiingii Kaanenus jedhamuun qophaa'e Kibxata darbe banameera.

Baazaaricharratti waldaalee IMX naannooleefi magaalota biyyattii garaa garaarraa dhufan dabalatee daldaltoonni biyya keessaafi alaa 200 ol ta'an ni hirmaatu jedhameera.

Ittigaafatamaan Waajjira Daldalaa Bulchinsa Magaalaa Roobee Obbo Qasim Abdulqaadir, agarsiisni daldalaafi baazaarii kun carraa hojii babal'isuu, tasgabbii gabaa uumuufi galii magaalichaa guddisuun fayyadamummaa gam-lameenii mirkaneessuuf kan kaayyeffateedha jedhan.

Kantiibaa Itti Aanaan Bulchinsa Magaalaa Roobee Obbo Hasan Sulxaan gamasaaniin baazaarichi meeshaalee



jireenya dhala namaatiif barbaachisaa ta'an iddoo tokkotti hawaasa biraan gahuun tasgabbii gabaa uumuufi waldaalee IMX jajjabeessuu keessatti shoora olaanaa kan qabu ta'uu dubbataniiru.

Jiraattonni magaalichaas meeshaalee isaan barbaachisu gatii madaalawan bakka tokkotti argachuusaaniitti kan gammadan ta'uu himaniiru.

Godina Wallagga Bahaatti hojiiwwan . . .

akka itti fufan taasisuufi kan hin eegalamiin jiran akka eegalaman kallattii kaa'uuf akka ta'es itti gaafatamaan Paartii Badhaadhinaa Damee Oromiyaa, Obbo Fiqaaduu Tasammaa ibsaniiru.

Oomishaaf oomishtummaa guddisuufi nageenya waaraa mirkaneessuuf hojiiwwan godinichatti hojjetaman jajjabeessaa waan ta'eef, fuula durattis cimee itti fufuu akka qabuufi qonnaan bulaan waan argaturraa qusachuu akka qabus Obbo Fiqaaduun yaadachisaniiru.

Jireenya ummataa jijjiiruuf inisheetiviiwwan hojiirra oolaa jiran bu'aa argamsiisaa jirachuu daawwannaa kanarraa akka argan Ministir Deetaan Ministeera Maallaqaa Doktor Iyyoob Takkaalliny himanii, uummannii deeggarsa argatee jennaan jijjiirama jalqabame itti fuufsiisuu keessattii gahee olanaa taphataa jedhan.

Hogganaan Biiroo Maallaqaa Oromiyaa Obbo Tolosaa Daggafaas, ummannifi hoggansii godinichaa harka tokkoon olaantummaa seeraa kabachisaa karoora badhaadhina

maatii mirkaneessuufi dinagdee hawaasaa guddisuuf hojileen hojjatamaa jiran abdii kan namatti horan ta'uu ibsanii, kana cimsanii itti fufuu akka qabanis dhaamaniiru.

Bulchaan Godina Wallagga Bahaa Obbo Waaqgaarii Nagaraa daawwannaa kanaan hojiiwwan Misoomaa garaagaraa ilaalamuu eeranii, hojiin inisheetivoota garaa garaaarratti xiyyeeffachuun hojjatamaa jiran karaa karoora badhaadhina maatii mirkaneessuu danda'uun raawwatamaa jiraachuu ibsaniiru.

Godina Jimmaa Aanaa Limmuu Kossaafi . . .

ummata Oromoo dinagdeen cimsuuf baankii hundaa'e ta'uu eeruun, yeroo gabaabaa keessatti tajaajiloota baankiiwwan buleeyyiin kennan hunda kennuun dorgomaa ta'aa jiru ta'uu dubbataniiru.

Baankichi mul'ata Itoophiyaatti baankii dursaa ta'uufi waggoottan shanan itti aananitti baankiwwan Afriikaa gurguddoo kurnan keessaa tokko ta'uuf onnatee

hojjechaa jiru ta'uus himanii hawaasnis baankichatti qusachuun mul'ata inni qabate kana milkeessuu akka qabu dhaamaniiru.

Haaluma wal fakkaatuun Bulchinsa Magaalaa Aggaarootti aadaa qusannaa hawaasaa cimsuuf hojii hojjatamaa jiru kanaan guyyaa tokkotti qarshii miliyoona 21.8 ol baankichatti qusatameera.

Godina Baalee Aanaa Sinaanaatti . . .

Bara oomisha 2016/17 keessa Karoora Xiiqii qonna Arfaasaa, Gannaafi Bonaan qabame milkeessuuf lafa adda baasuufi galteewwan dhiyeessuurratti hojjetamuusaa Obbo Geetuun himaniiru.

Bulchaan Godina Baalee Obbo Abdulhaakim Aliyyii, gamasaaniin qophiin lafaafi dhiyeessiin galteewwan waqtii Arfaasaa qindoominaan raawwatamaa tureera jedhan.

Hojii qonnaa haala kanaan dura hinbaratamnerraa waggaatti marsaa sadii gaggeessuun fayyadamummaa qonnaan /horsisee bulaa godinichaa mirkaneessuuf xiyyeeffannoon hojjetamaa jiras jedhan. Waqtii kanaan aanaalee rooba Arfaasaa argatan keessatti facaasaan haala gaariin gaggeeffamaa jiraachuu yadachisaniiru.

Facaasaan sanyii waqtii Arfaasaa kun bakka hoggansi naannoofi godinichaa adda addaa argamanitti gaggeeffameera.

Mariin misoomaafi . . .

Shaneen Godinichaa keessaa gubatan deebisanii dhaabuuf deeggarsi meeshaalee adda addaa ni taasifama jedhan.

Marii kana irratti Ministeera Karooraafi Misoomaa Dr. Namarraa Gabayyoofi Itti aanaan Af-Yaa'ii Caffee Oromiyaa Obbo Eeliyaas Uummataa dabalatee hoggantoonni sadarkaa garaa garaa argamaniiru.

Jilli hoggantoota sadarkaa garaa garaa hirmaachise kun pirojeektii bishaan dhugaatii Magaalaa Gimbiifi Buufata Konkolaataa Qinda'aa Magaalaa Gimbi ijaarsisaa sababa garaa garaan lafarra harkifate daawwateera.

Bifuma wal fakkatuun, Magaalaa Jimmaatti mariin misoomaafi nageenyaa dargaggoota magaalichaa hirmaachise mata duree "Dargaggoonni misoomaafi nageenya biyyaa keessatti gumaacha olaanaa qabu" jedhuun gaggeeffameera.

Kantiibaa Bulchiinsa Magaalaa Jimmaa Obbo Xahaa Qamar, dargaggeessi Jimmaa abbaa sirnaati, bakka garaa garaa jiraatus yaada garaa garaa qabaatus dhimma biyyaafi magaalasaa irratti araarama tokko male ifatti qabsaa'a jedhan.

Dargaggoonni jijjiirama kana fiduu, ijaaruufi tiksuu keessatti gahee bahataa jiran, cimsanii itti fufuu akka qaban Obbo Xahaan waamicha dhiyeessaniiru.

Jalqabbii misoomaa Magaalaa Jimmaa keessatti mul'achaa jiran ariitiin akka guddatuuf humna dargaggootaa sababa garaa garaatiin bittinnaa'e ture gaaddisa tokko jalatti sassaabuun tokkummaa cimaa hojjetamuu akka qabus yaadachisaniiru.

Hirmaattonni waltajjii kanaas, garaagarummaa jiru mariifi marabbaan furaa misoomaafi nageenya naannoofi biyyaarratti tokkummaan kan hojjetan ta'uu himaniiru.

Ittigaafatamaan Waajjira Paartii Badhaadhinaa Magaalaa Jimmaa Obbo Waasee Girmaa dhimma carraa hojii dargaggootaan wal-qabatee Bulchinsi Magaalaa Jimmaa inisheetiviiwwan fayyadamummaa dargaggoota mirkaneessan cimsee itti fufaa jedhan.

Inisheetivota kanarraa fayyadamaa ta'uuf dargaggoonni aadaa hojiisaanii fooyyeffatanii jijjiiramaaf qophii ta'uu akka qaban ibsaniiru.

Harka keessan saamunaafi bishaaniin yeroo yeroodhaan sirriitti dhiqadhaa!



Bohaartii

Ibsaa Xurunaa



Yuvaal Maandelovitz nama saroota 8000 hate

Yuvaal lammii Isiraa’eel yoo ta’u, beelada manaa namaan walitti madaqaniifi amanamummaan isaan gitu kan hin argamne sareef jalala addaa nama qabudha.

Bakkoota hedduutti keessumaa biyyoota gurguddatan keessatti namoonni saree kunuunsuufi guddisuun wallaansoo ykn wal lolchiisuun ittiin bashannanu maallaqas ittiin argatu.

Wayita kanatti saroota kunneenirra miidhaa qaamaa hanga lubbuun darbuu irra gaha. Kunimmoo Yuvaaliin hedduu dhukkubsaan. Kanaan mormuuffi sirrii akka hin taane hubachiisuuf yaaliiwwan adda addaa taasisus namni gurra kenneef garuu hin turre.

Dhimmichi baayyee kan isa dhukkubse Yuvaal saroota haala kanaan miidhaman barbaaduuf waan fala jedhe tokko baasee buusuun hojiitti hiikuuf murteesse. Kunis mana jireenyaa saroonni kun itti argaman qorachuu akkasumas saroonni dhimma kanaaf yaadaman eessatti akka argaman qorachuun hojiisaa eegale.

Erga kana adda baafateen booda halkaniin akka hattuutti manarra deemuun bakka saroonni

kuni itti hidhamanii jiran keessaa meeshaa qabachuun manarra naanna’ee fudhatee galuu eegale. Gocha kanas waggoottan 25f nuffii malee raawwachuurratti argama. Haala kanaan kan eegale saroota seeraan ala maallaqa argachuufi itti bashannanuuf miidhaman baraaruu eegale.

Umrii olitti eerame kana keessatti saroota kuma 8 ta’an halkaniin manarra naanna’ee hatuun mooraa ofiif keessa jiraatu keessatti walitti qabuun kunuunsuun badiisa jalaa baraaruu danda’eera. Isa biratti saroonni kunuunfamanii jaalalaan jiraatanii wayita nguyyaansaanii gahe du’a uumamaa du’u malee seeraan ala hin ajjeefaman.

Yuvaal Maandelovitz saroota akka maatiifi hiriyaaasaatti kunuunsaa waliin jiraatuuf guyyaatti nyaata kg 120 ol dhiheessa. Fayyummaasaanii yeroo yeroon kan to’atu yoo ta’u, bakka jireenyaasaaniifillee addatti akka kaffalu hima. Saroonni hamoodha jedhaman isa bira wayita gahan garraamii ta’anii naamusaan isaafi sarootasaa biroo waliin jiraatu.

Uumamni kamiyyuu gaafa dhalatu hamaa mkiti, akkaataa qabaa namaatu akkanni amala

hin taane ykn hammeenya calaqqisiisu isa taasisa, jaalalaan qabamnaan uumamni kamuu amala gaarii qabas jedha.

Wayita saroota kunneen walitti qabu halkaniin waan ta’eef namoonni hattuudha jechuun wayita miidhaa irra geessisan kan jiru yoo ta’u, shiftoota ykn hattoota halkaniin socha’aniifis saaxilamuun rakkinoota hedduu dabarsuus Yuvaal kan himu. Garuu jaalala saroonni kunneen itti agarsiisaniin rakkinoota isa mudatan hunda akka irraanfatus ibsa.

Sarooooonni lubbuun isa waliin jiran dutuun nageenya naannoo kan hin booreessine wayita ta’u, kunuunsaafi nyaatasaanii argachuuf deggarsa qaamota adda addaa gaafatus namoota muraasaan alatti deggarsa gahaa akka hin arganne hima.

Gochasaa kana namoonni jalqaba dhagaa’an yaadichaan mormanis booda keessa garuu maaliif akkanni gocha kanatti seene wayita dhagaa’an jaalala qabaniif ibsuutti akka ka’aniifi Poolisoonnillee saroota kana walitti qabuufi argachuu keessatti deggarsa akka taasisaniifis turtii miidiyaa ‘Nas Daily’; jedhamu waliin taasiserratti ibseera.

Milkaa’inni gama misooma dinagdeetiin galmaa’e bulchiinsa gaarii mirkaneessuutiinis ni dabalama!

Aadde Almaaz Asaffaa Nagahee Lakk. isaa 1498085 ta’e maqaa Obbo Zalaalam Geetaachewutiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa.

Obbo Dassaalenyi Camadaa mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa Aanaa Dhaddacha Araaraa keessatti waraqaa ragaa qabiyyee iddoo Lakk Kaartaa isaa 72201/96 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamau jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu namni ykn dhaabbanni kaartaa kana sababa adda addaatiin qabadheer jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan (kaartaan) kan biraa kan bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Aanaa Dhaddacha Araaraa.

Obbo Daraaraa Tafarraa Nagahee Lakk. isaa 049873 ta’e maqaa Damisee Tasfaayeetiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachuu baate, ragaa abbaa qabiyyee (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Obbo Asiraas Mollaatiif
Bakka Jirtanitti

R/Himattuun Aadde Asmaarech Geetaahuuniifi R/Himatamaa isin jidduu falmii R/Qabeenyaa jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 11/08/2016 sa’aatii 4:30 irratti akka dhiyaatanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Furii.

Hunatuu Hayiluu Nagahee Lakk. isaa 1118317 ta’e maqaa Hayiluu Gurmuutiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachuu baate, ragaa abbaa qabiyyee (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Aadde Roomaan Anbassee Kaartaa Lakk. isaa Bur/012/94/12 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachuu baate, ragaa abbaa qabiyyee (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Roshiyaa Eeliyaas mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa keessatti waraqaa ragaa qabiyyee iddoo Lakk Kaartaa isaa 3470/79 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu namni ykn dhaabbanni kaartaa kana sababa adda addaatiin qabadheer jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan (kaartaan) kan biraa kan bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Aanaa Irreechaa.

Obbo Muluu Gabayyoo Nagahee Lakk. isaa 1505650, Lakk. Galmee M-1332 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Takilabirhaan Asaffaa Takiluu mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa keessatti waraqaa ragaa qabiyyee iddoo Lakk Kaartaa isaa 146/2000 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu namni ykn dhaabbanni kaartaa kana sababa adda addaatiin qabadheer jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan (kaartaan) kan biraa kan bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Aanaa Hangaatuu.

1^{ffaa} Obbo Badhaasaa Araruutiif
2^{ffaa} Obbo Araarsaa Araaruutiif
3^{ffaa} Obbo Misgaanuu Giddumaatiif
4^{ffaa} Obbo Galatee Takkeetiif
5^{ffaa} Obbo Magarsaa Tamsgeeniitiif
Bakka Jirtanitti

Himataan Baankii Siinqee Damee Bishooftuufi Himatamtoota isin jidduu falmii qarshii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellamni gaafa 11/08/2016 sa’aatii 5:00 irratti deebii keessan aak dhiyeeffattan ta’ee, kan hin dhiyeeffanneeyoo ta’e, dhimmichi bakka isin hin jirretti ilaalamee murtii kan argatu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/O/Magaalaa Bishooftuu.

Aadde Keeriyaa Abdulaziizitiif
Bakka Jirtanitti

Iyyataan Obbo Mahaammadamiin Muzayyiniifi waamamatuu isin jidduu falmii diiggaa gaa’ila isinirratti dhiyaatee jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 11/08/2016 sa’aatii 4:00 irratti akka dhiyaatanii deebii keessan kennitan manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

M/A/Mirgaa Obbo Ibiraahiim Junaa fa’aa N-4 fi M/A/Idaa Dhaabbata Aggaar Itti Gaafatammummaan isaa Murtaa’e jidduu falmii waa’ee raawwii jiru ilaalchisee M/A/Idaa Kun akkaataa Murtiin kennameen raawwatee akka dhiyaatuuf ykn sababa hin raawwanneef yoo qabaate beellama gaafa 17/08/2016 sa’aatii 8:30 irratti akka dhiyaatanii ibsitan manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Dambalaa.

2^{ffaa} Hoomaa Miidhaksaatiif
Bakka Jirtanitti

Himattuun Aadde Aadde Caaltuu Bayyanaafi Himatamaa isin jidduu falmii siviilii jiru ilaalchisee himatamaa 2ffaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 10/08/2016 sa’aatii 4:00 irratti adeebii keessan barreeffamaan qabattanii akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Iluu.

Obbo Baqqalaa Birruutiif
Bakka Jirtanitti

Himattuun Aadde Galaanee Addunnaafi Himatamaa isin jidduu falmii dhirsaafi niitummaa jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 23/08/2016 sa’aatii 3:30 irratti akka dhiyaatanii falmattan ta’ee, dhiyaachuu baannaan falmiin bakka isin hin jirretti itti fufee murteen kan kennamu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/A/Meettaa Roobii.

Aadde Dibaabee Kabbadaa Bultumeetiif
Bakka Jirtanitti

Iyyataan Obbo Ashaanuu Xaasoofi waamamatuu isin jidduu falmii dhirsaafii niitummaa jiru ilaalchisee waamamatuun kun waan badeef yoo jiraate, mana murtii kanatti himatamuushii beektee beellama gaafa 18/08/2016 sa’aatii 4:00irratti akka dhiyaattu beeksisaa, dhiyaachuu baannaan iyyataaf murtii badiinsaa kan kennamuuf ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/A/Ada’aa.

Aadde Rabiibaa Sharafaddiinif
Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Asnaaqaa Sisaayiifi Himatamtuu isin jidduu falmii raawwii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 22/08/2016 sa’aatii 5:00 irratti akka dhiyaatan manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Boolee.

Aadde Asnaaqech G/Kidaan Nagahee mirriitii mana jireenyaa Lakk. isaa 1852706 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa hojii 20 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachuu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sulultaa.

Muluu’alam Girmaa Nagahee mirriitii mana jireenyaa Lakk. isaa 1852705 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa hojii 20 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachuu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sulultaa.

Sisaay Kifilee Nagahee Lakk. isaa 1889433 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furi.

Abbabuu Naggasaa Nagahee Lakk. isaa 408493,Lakk. Galmee A-6303 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furi.

Obbo Kadiir Muhaammadnuur Nagahee Lakk. isaa 162858,Lakk. Galmee K-1625 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furi.

Obbo Shifarraawu Gonfaa Nagahee Lakk. isaa 173429,Lakk. Galmee Sh-2092 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furi.

Aadde Tsiggee Gurmeechaatiif
Bakka Jirtanitti

OliyyattuunAaddeAbbabee Naggasaafi deebii kennituun isin jidduu falmii lafa dhaalaa jiru ilaalchisee deebii kennituun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 17/08/2016 sa’aatii 4:00 irratti mana murtii Aanaa Sulultaatti dhiyaattanii akka afalamattan ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e mirgi falmachuu keessan bira darbamee ta’uu beektanii akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera. M/M/O/Go/Sh/Kaabaa.

Warshaa Naas Fooditiif

Bakka Jirtanitti

Himattuun Aadde Buruktaawit Wandimmaganyifi Himatamaan isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellamaan dura himannaa barreeffamaa karaa kutaa ofiseera seeraatiin fudhattanii deebii keessan beellama gaafa 17/08/2016 sa’aatii 4:00 irratti akka dhiyeeffattan manni murtii ajajeera.Waajjira Lafaa Magaalaa L/Xaafoo L/Daadhi.

Obbo Nugusee Irranaa Jaankaa mana jireenyaa Magaalaa Ejeree ganda Cangaree Sookilee keessaa qaban waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa BME/4293/174 kan ta’e bali’ina lafaa 200M² irratti argamu waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamau jedhanaii iyyataniiru. kanaafuu namni raga kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan (kaartaan) kan biraa kan bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Ejeree.

Aadde Boggee Roobaa Nagahee Lakk. isaa 1497290 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa.

Aadde Alam Badhaanee Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Kutaa Magaalaa Galaan keessatti lafa mana jireenyaa kennameef Nagahee duraa Lakk. isaa 250875 kan ta’e maqaa isaanitiin galmaa’e kennameef orjinalli isaa na jalaa bade jedhanii waajjira keenyaatti iyyataniiru. Kanaafuu namni Nagahee kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu, yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti qaama dhimmi ilaaluuf ragaa kana akka deebisu,yoo kun ta’uu baate kana duraanii akka badeetti lakkaa’amee footoo koppiin orjinaalaa kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Kaadasteraa Kutaa Magaalaa Galaan.

Aadde Birhaanee Ejjataatiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Sobbooqaa Jamaanaafi Himatamtuu isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamtuun kun himannaan diiggaa gaa’ilaa mana murtii kanatti isinirratti dhiyaachuusaa beektanii beellama gaafa 14/08/2016 sa’aatii 4:00 irratti akka deebii keessan kennitanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Tokkee Kuttaayee.

1^{ffaa} Obbo Xilaahuun Lammaatiif

2^{ffaa} Obbo Baahiluu Lammaatiif

Bakka Jirtanitti

Himtaan Obbo Guddataa Taaddalaa Himatamtoota isin jidduu falmii qarshii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 15/08/2016 sa’aatii 4:00 irratti akka dhiyaatanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Aadde Layilaa Huseeniitiif

Bakka Jirtanitti

Iyyataan Obbo Aliyyii Nasiruu Mahaammadnuuriifi waamamatuu isin jidduu falmii Hayyemsiiisa Ol’iyyannoo jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 21/08/2016 sa’aatii 8:15 irratti akka dhiyaattanii yaada keessan kennitan manni murtii ajajeera.M/M/O/Magaalaa Shaggar.

1^{ffaa} Obbo Abdulkariim Sharafaatiif

Bakka Jirtanitti

Himattoonni dhaaltota Obbo Nugusee Faantaaye kan ta’an Naataan,Yoonaasiifi Heenook Nugusee fi Himatamaa 1^{ffaa} isin jidduu falmii jiru ilaalchisee galmeen sochoofamee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 14/08/2016 sa’aatii 5:00 irratti akka dhiyaatanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/O/Magaalaa Shaggar.

Aadde Yaaneet Raggaasaatiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Tasfaayee Lammaafi Himatamtuu isin jidduu falmii H/Hawaasaa jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 15/08/2016 sa’aatii 9:00 irratti akka dhiyaatanii deebii keeessan dhiyeeffattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Boolee.

Obbo Abdallaa Mahaammad mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa Aanaa Gooroo keessaa qaban waraqaa ragaa qabiyyee iddoo Lakk Kaartaa isaa 737586/98 kan ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu namni ykn dhaabbanni kaartaa kana sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan (kaartaan) kan biraa kan bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Aanaa Gooroo.

Obbo Bahaayiluu Magarsaa Magaalaa Walisoo ganda Ayeetuu keessaatti ragaa mana jireenyaa qaban Kaartaa Lakk. isaa W/8227/2007 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamau jedhanaii iyyataniiru. kanaafuu qaamni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti yoo dhiyeessuu baate kaartaa haaraa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Walisoo.



18	Kallacha Oromiyaa	Ebla 10 bara 2016
1^{ffaa} Sooraa Seekuriitii Itti Gaafatamummaan isaa Murtaa’etiif 2^{ffaa} Oksford Politilii Itti Gafatamumman isaa Murtaa’etiif Bakka Jirtanitti Iyyataan Ministeera Galiiwwan R/D/F Itiyoophiyaafi M/A/Mirgaa fi M/A/Idaa isin jidduu falmii raawwachiisaa jiru ilaalchisee Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Bahaattii kanaan dura Galmee Lakk. isaa 43267 ta’een konkolaataa Lakk. Gabateesaa 3-24258 ta’eefi 3-35340 kan ta’e dhoorkaan irratti kennamee ture wal-qabtee Ministeera Galiiwwan R/D/F Itiyoophiyaa mirga dursa qabeenyaa kana gurguruuf qaban waan gurguraniif maqaa jijjiiruudhaaf dhoorki irratti kennamee ture waan hin kaaneef akka irraa nuuf ka’u jedhanaii iyyataniiru.kaanaafuu yaada yoo qabattan mana murtii kanatti beellama gaafa 14/08/2016 sa’aatii 5:00 irratti akka dhiyaattan ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e akka isin hin barbaannetti bira darbamee ajajain kan kennamu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/O/G/Sh/Bahaa.	Wallagga Bakka bu’aa Amaan Katamaa, Itaalam Phaawuloos, Tigisti Isaayyaas Sidaanaa guddiftuufi bulchituu daa’ima Siyaadeen Nagaasaa kan ta’an Obbo Qannaa Galataa Ergee kan jedhaman mana daldalaa Magaalaa D/Dolloo ganda Biiftuu keessatti argamu Lakk. Kaartaa isaa 15849/WL/2015 kan ta’e bali’inni isaa kaaree meetira 165M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu Obbo Caalaa Qannaa Ergeetti waan gurgurataniif jijjiirran maqaa gara bitattuutti akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo. Obbo Gammachuu Maatiyoosiitiif Bakka Jirtanitti Iyyattuun Aadde Tsahaay Taammanee fi waamamaa isin jidduu waa’ee murtii badiinsaa jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 21/08/2016 sa’aatii 4:30 irratti akka dhiyaatan manni murtii ajajeera.M/M/A/Magaalaa Naqamtee.	Obbo Alqaadir Mohammad mana daldalaa Magaalaa Gidaamii ganda 02 keessatti bal’ina lafaa 20M2 irratti argamu lakk. Kaartaa isaa ta’e Obbo Milkiyaas Eggataatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii. Obbo Fiqiruu Tolasaa mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 02 keessatti bal’ina lafaa 200M2 irratti argamu lakk. Kaartaa isaa GK/845/2011 ta’e Aadde Xigee Asaffaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii. Obbo Amsaaluu Zalaalem mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 01 keessatti bal’ina lafaa 200M2 irratti argamu lakk. Kaartaa isaa GK/01/333/2016 ta’e Obbo Hiikaa Margaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.
Aadde Maaleet Getaachootiif Bakka Jirtanitti Himattuun Aadde Iyyarusaalem Tasammaafi Himatamaan isin jidduu falmii waa’ee diiggaa gaa’ila isinirratti dhiyaatee jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 22/08/2016 sa’aatii 5:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Tokkee Kuttaayee.	Dhaaltota Obbo Fiqaaduu Irranaa Ijjigaayyoo Fiqaaduu fa’aa Aadde Yeshiimmabeet, Obbo Dastaa, Aadde Lulee, Aadde Yadatee, Obbo Gammachiis, Obbo Tasfaafi Amaanu’eel Fiqaaduu abbaan keenya obbo Fiqaaduu Irranaafi haati keenya Aadde Dasii Waaqiraa waan du’aniif mana Lakk. isaa 0035 kan ta’e Magaalaa Biilaa Ganda 02 keessatti argamu waliin ta’anii Obbo Yooseef Fiqaaduutti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa. Obbo Guddataa Waggaariitiif Bakka Jirtanitti Himataan Waldaa Aksiyoona Hiddaasee Teelekoomifi Himatamaan isin jidduu falmii waliigaltee jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 16/08/2016 sa’aatii 4:30 irratti akka dhiyaatan manni murtii ajajeera.M/M/O/G/Wallagga Bahaa.	Mana Jirrenyaa Maqaa Aadde Sannaayit Mangistuutiin galmaa’ee Magaalaa Gimbii ganda 02 keessatti argamu Lakk.Kaartaan isaa ፻/03/1150/96, ፻/998/03/94, ፻/03/1149/96 ta’eefi 0017/፻/82 kan ta’e kaartaan orjinaalli isaa waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee nuuf haa kennamu jedhanii dhaaltonni isanii iyyataniiru kanaafuu namni kaartaawwan kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu ykn kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu yoo dhiyaachuu baate kaartaawwan kun gara maqaa dhaaltotaa obbo Toomaas, Aadde Muluu, Obbo Solomooniifi Obbo Fiqiree Takkaallinyitti jijjiirran maqaa kan raawwatuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii.
Obbo Hajjii Ismootiif Bakka Jirtanitti Himataa Obbo Ibraahiim Muhaammadiifi himatamaa isin jidduu falmii siviilii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 14/08/2016 sa’aatii 5:30 irratti akka dhiyaatanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Bokkuu Shanan.	Obbo Miratee Xilahuun mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 01 keessatti bal’ina lafaa 200M2 irratti argamu lakk. Kaartaa isaa GK/01/351/2016 ta’e Obbo Hambisaa Qalbeessaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii. Obbo Abiyoot Yaadataa mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 02 keessatti bal’ina lafaa 150M2 irratti argamu lakk. Kaartaa isaa GK/02/026/2014 ta’e Obbo Taammiraat Alamaayyootti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.	Obbo Zaakir Abduraahimiif Bakka jirtanitti Himattuu Zamzam Usumaan Bakka Bu’aa Bashir Usumaaniifi himatamaa isin gidduu falmii Hariiroo Hawaasaa jiru ilaalchisee himatamaan Mana Murtii Aanaa Sayyootti himatamuu isaa beekke beellama gaafa 14/08/2016 sa’aatii 8:00irratti akka dhiyaattan Manni Murtii ajajeera. Mana Murtii Aanaa Sayyoo
Aadde Maqdas Mareetiif Bakka Jirtanitti R/Himataan Obbo Shaambal Dassaalenyiifi R/ Himatamtuun isin jidduu falmii dhirsaa fi niitii jiru ilaalchisee R/Himatamtuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 17/08/2016 sa’aatii 4:00 irratti deebii qabatee akka dhiyaattu manni murtii ajajeera. M/M/A/Kutaa Magaalaa Dambalaa.		Obbo Girmaa Hundaasaa mana Jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 01 keessatti argamu lakk. mana duraanii 01-0095 Lakk. Kaartaan isaa 422/2005 ta’e dabarsanii Obbo Tsaggaayee Iggazuutti gurguruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo.
Obbo Fallaqaa Mulugeetaatiif Bakka Jirtanitti R/Himataan Siraa Mahammadiifi R/ Himatamaa isin jidduu falmii qarshii jiru ilaalchisee R/Himatamaa kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 21/08/2016 sa’aatii 3:15 irratti akka dhiyaattan, yoo hin dhiyaanne ta’e, falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/A/Kutaa Magaalaa Furii.		

Obbo Magarsaa Kabbadaa mana Jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 03 keessatti argamu lakk. mana duraanii Lakk. Kaartaan isaa 3658/2013 ta’e karaa bakka bu`aa isaanii Obbo Kabbadaa Taasisaa dabarsanii Obbo Baay`isaa Ayyaanaatti gurguruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo.

Obbo Diina`ol Yoseef mana Jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 04 keessatti argamu lakk. mana haaraa .... Lakk. Kaartaan isaa 2659/2010 ta’e dabarsanii Aadde Mitikkuu Kitilaatti karaa bakka bu`aa isaanii gurguruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo.

Obbo Niftaale Kabbadee mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 03 keessatti argamu lakk. mana duraanii Lakk. Kaartaan isaa 4067/2014 ta’e dabarsanii Obbo Dhugaasaa Nagaasaatti gurguruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo.

Obbo Duulaa Tamasgeen Galataa manajireenyaa magaalaa Najjoo ganda 01 keessatti argamu lakkoobsi manaa duriin 01-1222 ta’eefi lakk. kaartaa 2489/2010 ta’e Obbo Daawit Darasuutti karaa bakka bu`aa isaanii Aadde Sannaa’ee Fufaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20 gidduutti haadhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo

Sirreessa

Gaazexaa Kallacha Oromiyaas Bara 31 Lakk.20^{ffaa} Bitootessaa 19 bara 2016 maxxanfamee baherratti beeksisa Aadde Waandhimnee Tarreessaa baasifatan keessatti Obbo Ibsaa Dheeressaatiif kan jedhamee bahe dogoggoraan waan ta’ee Obbo Obsaa Dheeressaatiif jedhamee sirreeffamee haa dubbifamu.

Aadde Zinnaash Wadaajoo Gammadaatiif Bakka jirtanitti

Iyyataan Zalaalam Bantii Nagarii fi waamamatuu isin gidduu waa’ee murtii badiinsaa waan isinirratti dhiyeeffataniif maan Mana Murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 15/08/2016 sa’aatii 3:20irratti akka dhiyaattan Manni Murtii ajajeera. Mana Murtii Aanaa Gimbii.

Aadde Caaltuu Mulaatuu kan jedhaman Magaalaa Naqamtee ganda B/Jaamaa (6) keessatti kan argamu mana jireenyaa ragaa abbaa qabeenyummaa kaartaa lakk.4641 W/Bu/I/F/L/M/N/11 maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin kan qabatee jiru yoo jiraate,beeksifni kun gaafa bahee kaasee guyyaa 20 keessatti qabattanii dhiyaachuu yoo baattan kaartaa mana jireenyaa haaraa hojjannee bakka buufnee kan kenninuuf ta`uu ni beeksifna. Waajira Lafa Magaalaa Naqamtee.

Iyyattuun Waaqtolee Bantii waamamaan Adam Qinaaxxii Hurbee gidduu iyyata murtii badiisaa dhiyaate irratti Beellama Gaafa 16/08/2016 sa’aatii 4:00 irratti dhiyaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera M/M/Aanaa Magaalaa Naqamtee.

Aadde Abinnat Fufaa fi Obbo Fayyisaa Nagaraa mana jireenyaa Magaalaa Gimbii ganda 02 keessatti argamu Lakk.Kaartaan isaa ፲፱/050/02/92 kan ta’e bali`inni isaa 200M² irratti argamu dabarsanii Aadde Balaayee Guddataatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii.

Aadde Qabbannee Tafarii mana Jireenyaa Magaalaa Gullisoo ganda 01 keessatti argamu lakk. Isaa 1576 ta’ee fi Lakk. Kaartaan isaa Bul/Mag/Gull/1738/2016 ta’e bali`inni isaa karee meetira 200M² irratti argamu dabarsanii Aadde Baaccuu Irranaatti waan gurgurataniif maqaangb akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gullisoo.

Obbo Xilaahun Ayyaanaa kan jedhaman jiraataa Magaalaa Q/Kaarraa ganda 02 keessatti kan argamu Lakk.isaa P-1083 kan ta’e bal’ina lafaa ---- Lakk.kaartaa 009WBILMQ/k/216 kan ta’e Obbo Eliyaas Ballaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.waajjira Lafa Magaalaa Q/kaarraa

Obbo Faqqadee Maatii kan jedhaman jiraataa Magaalaa Q/Kaarraa ganda 02 keessatti kan argamu Lakk.isaa P-1281 kan ta’e bal’ina lafaa ---- Lakk.kaartaa 042WBILMQ/k/216 kan ta’e dabarsanii Obbo Hambisaa Olaanaatti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.waajjira Lafa Magaalaa Q/kaarraa

Indaaluu Taasisaa mana Magaalaa Biilaa ganda 01 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa 438/04/2012 ta’e bali`inni isaa karee meetira ----- irratti argamu dabarsanii Obbo Lalisaa Dastaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa.

Aadde Fiqirtee Waaqiraa mana jireenyaa Magaalaa Biilaa ganda 01 keessatti argamu Lakk. manaa 0399 ta’e bali`inni isaa karee meetira ----- irratti argamu dabarsanii Aadde Biddiiqee Indaalaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa.

Aadde Dammituu Abdiisaa mana jireenyaa Magaalaa Biilaa ganda 01 keessatti argamu Lakk. Kaartaa BMB 587/04/2006 ta’e bali`inni isaa karee meetira ----- irratti argamu dabarsanii Obbo Badhaasaa Abdiisaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa.

Aadde Likkinash Addisuu mana Daldalaa Magaalaa Biilaa ganda 02 keessatti argamu Lakk. Kaartaa WLEN416-219-01-01 ta’e bali`inni isaa karee meetira ----- irratti argamu dabarsanii Aadde Jamaayinash Mokonnintti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa.

Obbo Amsaaluu Guddayyaa mana Jireenyaa Magaalaa Biilaa ganda 02 keessatti argamu Lakk. Kaartaa 4018 kan ta’e bali`inni isaa karee meetira ----- irratti argamu dabarsanii Obbo Yohaannis Faqqadaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa.

Dagaagaa Gaaromaa mana Jireenyaa Magaalaa Mandii ganda 04 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa MJ/1228 ta’e bali`inni isaa karee meetira 400M² irratti argamu dabarsanii Milkeessaa Geetaachootti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii.

Aadde Caaltuu Taarikuu Tuuchoo mana Daldalaa Magaalaa Gidaamii ganda 02 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa GK02/157/2015 ta’e bali’ina lafaa 158M² ta’e irratti argamu dabarsanii -----tti gurgurachuu waan barbaadaniif. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

Obbo Jaarraa Sirneessaa mana Jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 01 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa GK01/350/2016 ta’e bali’ina lafaa 200M² ta’e irratti argamu dabarsanii Obbo Lammeessaa Taarikuutti gurgurachuu waan barbaadaniif. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

Obbo Wandimmuu Baqqalaatiif

Bakka Jirtanitti

R/Himataan Obbo Geetaachoo Fayyisaafi R/Himatamaanisin jidduu falmii Raawwii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 17/08/2016 sa’aatii 5:00 irratti akka dhiyaatan manni murtii ajajeera.M/M/O/G/Wallagga Bahaa.

Obbo Wandimmuu Baqqalaaf

B/jirtanitti

R/himataa Getaachoo Fayyisaafi r/himatamaa isin gidduu falmii raawwii jiru ilaalchisee isin himatamaan himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 17/8/2016 sa’aa 5:00 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/OI/Go/Wallagga Bahaa





Ispoortii



Piriimiyeer Liigii Ingilizii torbee 33ffaani liigichaa sadarkaa 1ffaafi 2ffaani dursaa kan turan Arsenaaliifi Liiver Puul injifatamusaaniitiin Maanchister Siitiin injifachuun sadarkaa 1ffaarraa ta'eera. Liigichi bara kana falmii ajaa'ibsiisaa ta'e keessummeessurratti argama. Sadarkaan kilaboota sadanii yeroo 21 wal jijjiireera. Kunimmoo seenaa liigichaa keessatti kan jalqabaati jedhameera.

Kilaboonni waancaaf Siitiin falmaa jiran Arsenaaliifi Liiver Puul dirree ofisaaniirratti injifatamuun bakkasaanii kan gadi dhiisan yoo ta'u, gareen Gaardiyoolaammoo hojii manaasaa gahumsaan raawwachuun imala shaampiyoonaammoo liigii ulfaataa kanaa waggaa affrafaaf dhandhammachuuf tolfatee fuulduratti saffisaan kaachaa jira.

Liiver Puul leenjisa Jargan Kilooppiin bara kana Waancaa sadiin gaggeessuuf karoofatanis haala amma itti jiraniin garuu kana dhugoomsuun waan dandaa'amu hin fakkaatu. Sababnisaa 'FA Cup'n Maanchister Yunaayitidiin injifatamuun kan keessaa galan yoo ta'u, tapha walakkaa xumuraa Liigii Awurooppaanis dirreesaanii Anfiidirratti kilaba Xaaliyaanii Atalaantaa keessummeessuun goolii 3 fi 0n injifatamuun tapha deebii xaaliyaanitti imalanii taasisan garaagarummaa goolii 4n injifachuun isaan eeggatus gahumsa amma itti jiraniin waan milkaa'u hin fakkaatu. Piriimiyeer Liigii Ingiliz xumuruumuuf taphoonni muraasni qofti hafanitti torbee 33ffaatti dirreesaarratti Kiristaal Paalaasiin keessummeessuun injifatamuun sadarkaa 3ffaatti gadi bu'aniiru.

Waggaa 20 booda gara shaampiyoonaammoo piriimiyeer Liigiitti

Liiver Puuliifi Arsenaal raayyaa Gaardiyoolaaf bakka gadi dhiisan

deebi'uuf morkii cimaa taasisaa kan ture gareen Maayikil Arteettaa Arsenaalis akkuma Liiver Puul dirreesaarratti Astoon Viilaa keessummeessuun 2 fi 0n injifatamuun carraa waancaa injifachuuf qabu dukkaneesseera. Shaampiyoona bara kanaa ta'uuf kilaboonni sadanuu carraa wal qixa qabu turani. Taphoota hafaniif hunda kilaba injifate qofatu irra aanuu danda'a malee qixa bahuunillee balaansaa olaanaa akka ta'e hunduu quba waan qabuuf injifachuun qofa kan baasu.

Kanaan torban kana kan milkaa'e Maanchister Siitii qofa. Gaardiyoolaafi taphattoonnisaa xiinsammuu injifannoo cimaafi ofitti amanamummaa olaanaa gonfataniiin bara kanas yeroo affrafaaf walitti aansuun shaampiyoona ta'uuf haala isaan dandeessisurra jiraachuusaaniitiifi kilaboonni lamaan Arsenaaliifi Liiver Puul garuu carraa argatan hanga dhumaatti tursiifachuun dadhabuun carraasaanii ofiin balleessurratti argamu. Gaardiyoola turban darbe kilaboonni lamaanuu qabxii nigatu jedhee dubbachuunsaa ni yaadatama.

Sambata darbe Luutaniin erga injifatee booda yaada kan kenne Gaardiyoolaan "ijoolleen koo dhiibbaa jaalatu... Shaampiyoona ni taana jechuudha? Akkas jechuu miti. Garuummoo hanga dhumaatti dorgomna" jedhe.

Amma Siitii, Arsenaaliifi Liiverpuul gidduu garaagartummaan qabxii jiru lama qofa. Erga bara 1998/99 yeroo duraaf dorgommichi torban 33ffaarra osoo jiruu

garaagarummaan qabxii hanga kana qofa yeroo ta'u kun kan jalqabaati.

Gurmuun sirna kompiitaraa qabxii dursee tilmaamuufi raaguun beekamu Optaa jedhamu, kanaan dura tilmaama Siitin waancicha ni nyaata jedhee tilamaama kaahee ture irra deebisee sirreessuun Liivarpuuliif kennee ture amma deebisee hiree guddaan harka Siitii galuu ibseera.

Ammallee dorgommichi rraawwateera jedhamuurraa fagoo jira. Taphoota hafan gidduutti wanti ta'uu hin dandeenye hin jiru. Taphni tokkoo halaa ammaa jijjiiruu danda'a.

Arsenaal bara darbe liigicha garaagarummaa qabxii bal'aan dursuun shaampiyoona ta'a jedhamee wayita eegamutti taphoota gara dhumaa jiranirratti injifatamuufi qabxii gatuun Siitiif bakka gadi dhiisuunsaa ni yaadatama. Bara kana hanqina sana fooyyeeffachuun shaampiyoona ta'a jedhamee eegamus ammas qaanfachuun Siitii gaggeessuun jalaa turee dabarsuun harka duwwaa galuuf jira.

Haala qabatamaa jiruufi muuxannoo qabaniin Maanchister Siitiin bara



kanas Piriimiyeer Liigii dabalatee Shaampiyoonsi Liigii Awurooppaallee injifachuun akka daqnda'u tapha tibba darbe gara Ispeenitti imaluun kilaba cimmaa addunyaa keenyaa Riyaal Maadiriid waliin taasiserratti qabdi qooddachuun deebi'e dirreesaarratti injifachuun nuusa xumuraaf darbuuf tilmaama olaanaa argateera. Piriimiyeer Liigiitiinis taphoota hafaniif olaantummaan akka xumuru shakkiin hin jiru.

Leeverkusan shaampiyoona haaraa Bونداسليگا

Dorgommiin Bونداسليگا Jarmanii bara waggaa 11 booda shaampiyoona haaraa argateera. Olaantummaan Baayer Muniik bara kana osoo hin eegamiin Baayer Leverkusaniiin xumura argateera.

Gareen Zhaavii Aloonsoon leenji'u Baayer Leeverkusan bara kana osoo hin yaadamiin taphoota liigichaa 29 taasisen 25 injifachuun, 4n ammoo qixa bahuun osoo hin injifatamiin waancaasaa jalqabaa innifachuun danda'eera. Tapha hawwataa kubbaarratti hundaa'e taphachuun liigicha keessatti olaantummaa kan argate kilabichi gooliiwwan 74 wayita lakkoofsisu kan itti galemmoo 19 qofa.

Baayer Leeverkusan erga hundaa'ee waggoota 120 kan lakkoofsise yoo ta'u, liigicha keessatti morkataa cimaa ta'us, sadarkaa 2ffaa darbee deemuuf garuu hin dandeenye. Kanarraa kan ka'e deeggartoota Baayer Muniikiifi barreessitoota kubbaa miilaa biratti maqaan 'Neverkusan' jedhu itti moggaafamuun itti qoofamaa ture.

Wayita Aloonssoon leenjisuumaan gara kilabichaatti dhufu Leeverkusan sadarkaa 17ffaarratti argama ture. Kana jechuun



kilaba tokko qofa caala ture jechuudha. Ji'oota

Dhaabbata Birihaaninnaa Salaamitti Maxxansame

18 keessatti garuu jabaatanii hojjechuun yaaddoo liigii keessaa gadi bu'uurraa gara shaampiyoonaumaatti cehuun seenaa boonsaa galmeessaniiru.

Taphattoota dargaggeeyyiifi gatii gadi aanaan kan ijaarame Leeverkusan taphattoonnisaa filatamoo 11 walumatti gatiinsaani Yuuroo mil. 141dha. Kana jechuun gatii taphataa tokkoof bahuun kan walitti dhihaatudha.

Kilaba liigicha dhuunfachuun waggoota hedduuf injifate Baayer Muniikiin bara kana tapha dhaqaa galaan yeroo lamaanuu innifachuun kan da'e gareen Zhaavii Leverkusan imala shaampiyoonaammoo waggaa 11f turettis xumura tolchuun osoo barri dorgommichaa hin xumuramiin taphoonni shan hafanii wayita jiranitti deggartootasaa mataa ol qabachiisuun mootii Bونداسليگا bara kanaa ta'uu danda'eera.

Baayer Leeverkusan Bونداسليگا cinaatti waancaa 'DFB Pookaal jarmaniinis xumuraaf kan gahe yoo ta'u, Liigii Awurooppaan tapha nuusa xumuraa jalqabaan kilaba Ingiliz Weestihaamiin 2 fi 0n injifachuun carraa walakkaa xumuraaf gahuu bal'ifateera.